

**XIINXALA DANDEETTII DUBBISUU BARSIIISUU HOJIIRRA OOLCHUU
BARSIIISOTAA DAREE BARNOOTA AFAAN OROMOOTTI: GODINA
WALLAGGAA LIXAA MANNEEN BARNOOTAA SADARKAA
LAMMAFFAA AANAA BEGII**

QORATAAN: CAALII OLIHQAA AAGAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUUN GUUTTACHUUF
QOPHAAHE YUUNIVERSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HIYUMAANITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUTIIIF DHIHAATE**

**MUDDEE, 2014/21
YUUNIVARSITII JIMMAA**

**YUUNIVERSITHI JIMMAA KOLLEEJIII SAAYINSII
HAWAASAAFI HIYUMAANITHIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA DANDEETTII DUBBISUU BARSIIISUU HOJIIRRA OOLCHUU
BARSIIISOTA DAREE BARNOOTA AFAAN OROMOOTTI: GODINA
WALLAGGAA LIXAA MANNEEN BARNOOTAA SADARKAA
LAMMAFFAA AANAA BEGII**

CAALII OLIHQAA AAGAATIIN

GORSAAN: CIMDII WAAQUMAA (Asso. Prof.)

GORSAA AANTEE: IRISTEE AKKAWAAQ(MA)

**MUDDEE, 2014/21
YUUNIVARSIIITHI JIMMAA**

Mirkaneessa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaa qorannoo matadureen isaa ‘Xiinxala Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Hojiirra Oolchuu Barsiisota Daree Barnoota Afaan Oromootti: Godina Wallaggaa Lixaa Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Begii Keessatti’ jedhu kun hojii dhuunfaa koo akka ta’eefi kanaan dura yuuniversity kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhihaanne ta’uu nan mirkaneessa.

Qorataan:

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Yuuniversitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf, Caalii Olliiqaa mataduree ‘Xiinxala Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Hojiirra Oolchuu Barsiisota Daree Barnoota Afaan Oromootti: Godina Wallaggaa Lixaa Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Begii Keessatti’ jedhu sadarkaa ulaagaa yuuniversitiin kaa’e guutera.

Qaama mirkaneesse;

Gorsaa/tu _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Gorsaa Aantee _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Koree Qormaataa:

Qoraa/ttuu alaa _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Qoraa/ttuu keessaa _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Ittigaafatamaa Muummee yookaan Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Galata

Duraan Dursee waaqa fayyaafi nagaa naaf kenne; umurii koo keessatti carraa kan naaf laatee akkan barumsa kana baradhee xumuruu isa nataasise guddiseen galateeffadha. Itti aansee maatiiwwan koo utuu ofii hinbaratin nabarsiisaniif galanni koo guddaadha. Bu'aa ba'ii hedduu keessattis deggersa adda addaa kan naaf godhaa turte hadha warraa koo barsiistuu Lalisee Fedhasaa waaqaa gaditti galanni kee himamee hindhumu. Dabalataan immoo gorsaa koo kallattii naqabsiisuun osoo hojiin adda addaa irra jiruu nagorsee hojiin kun boca akka qabaatuuf nafaana kan dhama'an Cimdii Waaqumaafi (Prof. Gargaaraa) gargaaraa gorsaa kan ta'an Iristee Akkawaaqif (MA) galanni koo guddaadha. Kana malees barattootaafi barsiisota odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u naaf kennan, hiriyoota koo deggersa yaadaafi meeshaalee isaaniitiin gargaarsa naf taasisaa turan hundumaaf galanni koo dachaadha.

Axareeraa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa xiinxala dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuu barsiisota daree barnoota Afaan Oromoo keessatti: Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Begiitti manneen barnootaa mootummaa sadarkaa lammaffaa keessaa barsiisaa jiran kan jedhuudha. Kaayyoon qorannichaa tooftaa dandeettiin dubbisuu daree keessattii ittiin barsiifamuu qabu hojiirra oolchuu barsiisotaa Afaan Oromoo barsiisaa jiranii xiinxaludha. Qorannoo kana keessatti malli dhimma itti bahame mala makaati. Filannoon mana barnootaa mala iddatteessuu kaayyootiin, daree barnootaa iddatteessuu carraa salphaatiin, kan barattootaa mala iddatteessuu carraa yoo filataman, iddattoon barsiistotaa mala iddatteessuu kaayyootiin filatamaniiru. Odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaannachuuf immoo meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname keessaa bargaaffifi daawwannaatti dhimma bahameera. Qaaccessa ragaa ilaalchisee, odeeffannoon jechaan ibsaman mala ibsaatiin ykn akkamtaan, kanneen lakkoofsaan ibsaman immoo mala ammamtaatiin bifa gabateetiin lakkoofsaafi dhibbeentaan qacceffamaniiru. Qaacceessa kana irraa kan hubatame barsiisonni baayyeen tooftaa dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu hojiirra oolchaa akka hinjirre, barattoonni muuxannoo dubbisuu bal'aa akka hinqabneefi xiyyeeffannoon barsiisonni dandeettii dubbisuu barsiisuuf kennaa jiran laafaa ta'uudha. Dhumarratti argannoo qorannicharraa argamerratti hundaa'uun yaadoleen furmaataa kennamaniiru. Isaanis, barsiisonni hubannoo tooftaa dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu qofa qabaachuun gofti bu'aa akka hinqabneefi tarsimolee dandeettiin kun ittiin barsiifamu hunda akkaataa mijahaa ta'een dhimma itti bahuun dandeetti kana akka barsiisanidha. Kana malees, barsiifata dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuu barsiisonni gargaarsa barbaachisaa barattootaaf kennuu akka qabanidha. Barsiisotaaf leenjii hojii irraa kennuu, supervayizeroonni hojii barsiisonni daree keessatti dalagan hordofuufi barsiisota jajjabeeffamuu qaban yeroo yeroon jajjabeessaafi deggersa gochaafi adeemuun gaariidha. Dabalataanis, dubbisuuf xiyyeeffannoo kennuu, barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka cimsataniif fedhiin isaanii akka dabaluuuf barsiisonni irratti osoo hojjetanii gaariidha kan jedhu akka yaada furmaataatti kaa'amaniiru.

Gabateewwan

Gabatee 1. Tarsiimoo dubbisa duraa barsiisaan hojiirra Oolchuu ilaalchisee	38
Gabatee 2. Tarsiimoo yeroo dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa ilaalchisuun.....	40
Gabatee 3. Tarsiimoo dubbisa boodaa hojiirra oolchuu ilaalchisuun yaada barattootaa.....	42
Gabatee 4. Mala sakatta'aa dubbisuu barsiisuu barsiisotaa.....	43
Gabatee 5. Mala saffisaan dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa.....	44
Gabatee 6. Mala gadifageenyan dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa.....	46

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Galata.....	I
Axareeraa.....	II
Gabateewwan.....	III
BOQONNAA TOKKO: Seensa.....	4
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	4
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	8
1.3 Gaaffiilee Bu'uura Qorannichaa.....	10
1.4 Kaayyoo Qorannichaa.....	10
1.4.1 Kaayyoo Gooroo.....	10
1.4.2 Kaayyoo Gooree.....	10
1.5 Faayidaa Qorannichaa (Barbaachisummaa Qorannichaa).....	10
1.6 Daangaa Qorannichaa.....	11
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	11
1.8 Ibsa Naannoo Qorannichaa.....	9
1.9 Qindoomina Qorannichaa.....	9
BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	13
2.1 Yaadrimee Dubbisuu.....	13
2.2 Faayidaa Dubbisuu.....	16
2.3 Yaaxxinoota Dubbisuu.....	18
2.3.1 Yaaxxina gubbaa gadii.....	19
2.3.2 Yaaxxina Gadii Oliy.....	19
2.3.3 Yaaxxina walsimsiisaa.....	20
2.4 Maloota Dandeettii Dubbisuu.....	20

2.4.1	Dubbisa Sakatta'aa.....	21
2.4.2	Gadfageenyaan Dubbisuu.....	21
2.4.3	Bal'inaan Dubbisuu.....	23
2.4.4	Saffisaan Dubbisuu.....	23
2.5	Gosoota Dubbisuu.....	24
2.5.1	Dubbisa Sagalee.....	24
2.5.2	Dubbisa Callisaa.....	24
2.6	Tarsiimoo Dubbisuu.....	24
2.6.1	Tarsiimoo Dubbisa Duraa.....	24
2.6.2	Tarsiimoo Yeroo Dubbisuu.....	25
2.6.3	Tarsiimoo Dubbisa Boodaa.....	25
2.7	Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Itti Barsiifamu.....	27
2.7.1	Sadarkaa Dubbisa Duraa (Pre-reading phase).....	28
2.7.2	Wayiita Dubbisuu (while reading phase).....	28
2.7.3	Dubbisa Booda (post reading).....	28
2.8	Sakatta'a Qorannoo Walfakkii.....	29
BOQONNAA SADI: Mala Qorannichaa.....		30
3.1	Gosa Qorannichaa (Type of Study).....	32
3.2	Saxaxa Qorannichaa (Design of the Study).....	32
3.3	Madda Ragaa.....	33
3.4	Irraawwatama Qorannichaa.....	33
3.5	Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	33
3.6	Iddattoo daree daawwatamanii.....	34
3.7	Iddattoo Barattootaa.....	34
3.8	Tooftaa Funaansa Ragaalee.....	34

3.8.1 Daawwannaa.....	34
3.8.2 Bargaaffii.....	35
3.9 Mala Qaaccessa Ragaalee.....	35
BOQONNAA AFUR: Dhiheessa Qaaccessa Ragaalee.....	37
4.1 Qaaccessa Beekumsa/Hubannoo Barsiisota Afaan Oromoo Dandeettii Dubbisuu	37
4.1.1 Qaaccessa Beekumsa Akaakuuwwan Dandeettii Dubbisuu Barsiifamuu Qaban.....	37
4.1.2 Qaaccessa Beekumsa Tarsiimoolee Dandeettii Dubbisuu Ittiin Barsiifamu.....	38
4.1.2.1 Dubbisa duraa.....	38
4.1.2.2 Yeroo dubbisuu.....	38
4.1.2.3 Dubbisuun Booda.....	38
4.2 Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Tarsiimoo Dandeettii Dubbisuun Ittiin Barsiifamuu.....	38
4.2.1 Dubbisa Duraa.....	39
4.2.2 Yeroo Dubbisuu.....	41
4.2.3 Dubbisa Booda.....	43
4.3 Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Maloota Dubbisuu.....	45
4.3.1 Qaaccessa hojiirra oolmaa mala Sakatta'aan dubbisuu.....	45
4.2.2 Saffisaan dubbisuu.....	46
4.2.3. Gadi fageenyaan dubbisuu.....	48
BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Guduunfaa.....	50
5.1 Cuunfaa.....	50
5.2 Argannoowwan Qorannichaa.....	50
5.3 Yaada Furmaataa.....	51
Wabiilee.....	52
Dabalee-A.....	I
Dabalee-B.....	III

BOQONNAA TOKKO: Seensa

1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan barsiisuu jechuun dandeettii afaanii barsiisuu yaada jedhuun kan gargar bahu miti. Kana jechuun barnoota afaanii keessatti karaa kallattiis ta'ee mit-kallattiin dandeettiiwwan afaanii arfanitti dhimma bahuun keenya kan hin oolle ta'uu isaati. Ogummaawwan afaanii kunninis afaan baruufi barsiisuu keessatti gahee mataa isaanii bahu. Yaada kana Geetaachoo (2005:5) yoo ibsu, “Kaayyoon goeroon barnoota afaanii dandeettiiwwan afaanii arfan (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessu) gabbisuudha” jedha. Yaadni kun afaan barachuun ogummaawwan kana cimsachuuf ta'uu agarsiisa. Barnoota afaanii keessatti bu'uura kan ta'an, ogummaawwan arfan kun yoo barataman afaan baratame jechuu dandeenya.

Ogummaan dubbachuufi barreessuu karaa odeeffannoo namoota biroof dabarsuuf oolu yoo ta'u, ogummaan dhaggeeffachuufi dubbisuu immoo kallattii ittiin odeeffannoon yookiin beekumsi haaraan ittiin fudhatamu ykn gonfatamudha (Shermila, 2006). Dandeettiiwwan kanneen keessaa dhaggeeffachuufi dubbisuun karaa ergaa ittiin fudhannu waan ta'aniif dhaamsa darbaa jiru tokko qixa sirrii ta'een yoo hin dubbifne ergaa dhiyaate hubachuun hindanda'amu. Atikinsii fi warri biroo (1996) akka ibsanitti dubbisuun ogummaawwaniifi tarsiimoowwan adda addaa fayyadamuun waan barreeffame tokkoof hiika kennuu akka ta'edha. Akka yaada kanaatti dubbisuun gocha hiika yookiin ergaa waan barreeffame irraa argachuu ta'uu isaa mul'isa. Dabalataanis, dubbisuun karaa barreessaafi dubbisaan ittiin walii galan ta'u ibsu. Akka yaada kanaatti dubbisuun karaa barreessaafi dubbisaan ittiin waliigalan; barreessaan yaada isaa barreeffamaan waraqaa irratti yoo barreessu, dubbisaan immoo dubbisuudhaan yaada barreessaa sanaa fudhatu ta'uu isaati. Kun kan ta'uu danda'u dubbisaan ergaa barreeffamichaa sirnaan dubbisee yoo hubachuu danda'edha.

Kitaabni World Book of Encyclopedia Volume 16(1994) irratti dubbisuun gocha waanta barreeffame tokkorraa hubannoo ittiin argatamu ta'uu isaa lafa kaa'a. Gochi dubbisuu kunis, bu'uura barnootaafi ogummaa jiruuf jireenya guyyaa keessatti baay'ee barbaachisa akka ta'e irraa hubachuun nidanda'ama. Yaada barreeffama kanaa irraa kan hubatamu, dubbisuun gocha namni tokko waanta barreeffamee jiru tokkorraa ergaa hubachuu ta'uu isaati. Kana malees, dandeettiiwwan kun jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa hubachiisa.

Geetaachew (1996) Atkinsfi kanneen biroo (1996) wabeffachuun akka ibsutti ogummaan dubbisuu ogummaawwan afaanii arfan keessaa dandeettii isa baay'ee barbaachisaa ta'u isaati. Sababiin isaas, milkaa'inni barnootaafi kufaatiin barattootaa caalmaatti kan irratti hundaa'u ogummaa dubbisuufi ogummaa dubbisanii hubachuu irratti waan ta'eefidha. Kunis kan hubatamu ciminni barnootaa kan ittiin ibsamu dubbisuun ta'uu isaatiini jechuun hiika dubbisuufi faayidaa isaa lafa ka'a. Kana malees, milkaa'inni ykn kufaatiin barattootaa dandeettii dubbisuu isaanii irratti hundaa'u isaa ibsu. Barattoonni barnoonni isaanii dhuma irratti gaarii kan ta'u yoo kitaaba barnootaa fi yaadannoo fudhatan dubbisanii hubatanidha. Kanaafis barattoonni dandeettii dubbisuu kana gabbifatani barreeffama adda addaa dubbisuun wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisoo ta'an argachuu akka danda'an gargaaruun barbaachisaa ta'ee mul'ata.

Barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeffachuuf immoo karaan caalaatti filatamaa ta'e dubbisuudha. Akka Tasfaayeen (1986:13) jedhutti. "Dandeettiin dubbisuu yeroo murtaa'aa fi daanga'a ta'e keessatti baratamee kan gonfatamu otoo hintaane yeroodhaa yerootti akkuma muxannoo dubbisuu horachaa deemnuun gonfanna" jedha. Akka yaada kanaatti muuxannoon yookiin fedhiin dubbisuuf qabnu guddachaa deemuun dandeettii kana kan gabbisu ta'uu mul'isa. Dandeettiin dubbisuu kan cimuu dubbisuudhaan waan ta'eef barattoonni shaakala dubbisuu akka horatan deeggarsa gaarii gochuufiin barbaachisaa ta'uu nu hubachiisa.

Baddiluun (1996:31) irratti "Yeroo baay'ee barattootni daree barnootaa keessatti kan dubbisan fedhiin otoo hintaane waan barsiisaan ajajeef yookiin kitaaba isaaniirratti barreeffameef qofa" jedha. Yaada hayyoonni eeran kanarraa akka hubatamutti dandeettiin dubbisuu kan gabbatu dubbisuun yoo ta'u, fedhiin jiraachuun ammoo dubbisuuf bu'uura ta'a. Kanaaf barattoonni dubbisuu akka dirqamaa qofatti akka hin ilaalle fedhiin akka keessatti horamuufi jaalala dubbisuu akka horatan deeggaruun barbaachisaa ta'uu hubanna. Barattoonni kanuma hubachuun dandeettii dubbisuu isaanii cimsachuuf dirqamanii osoo hin taane fedhii isaaniitiin tattaaffii gochuun isaan irraa kan eegamu ta'uu beekuun dubbisuu shaakaluu qabu.

Karaa biraatiinis, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti wantonni hedduun kan hojjetaman karaa dubbisuutiin ta'uu barsiisonni dandeettii kana barsiisan beekuu qabu. Gosa barumsaa kamiyyuu keessatti barattoonni ofi isaaniitiin waan tokko dubbisanii hubachuu baannaan kaayyoon baruufi barsiisuu seeraan galma gahuu akka hin dandeenyes beekuun isaanirraa eegama. Beektonniifi

barreessitoonni hedduunis kana ni mirkaneessu. Fakkeenyaaf akka Geetaachoo (1996) ibsutti dandeettiin dubbisuu dandeettii baay'ee barbaachisaa ta'ee, ciminaafi dadhabbina barattoonni barnoota irratti qaban kan murteessuufi afaan barachuudhaafis dandeettiin kun furtuu ta'uu isaa ibsa.

Dabalees, akka Sensan (1997) jettutti, Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hojiin bal'inaan kan hojjetamu karaa dubbisuutiin ta'ee tartiiba sagalee hubachuu irraa eegalee hanga jechootaafi himoota akkasumas wantota barreeffaman hunda dubbisuu danda'uu ta'u isaa ibsiti. Namoonni haala gaariidhaan yaada waljijjiiruudhaafis ta'ee walqunnamuuf dandeettiin dubbisuu murteessaadha (Nuttal, 1992). Yaani beektota kanaa kan mul'isu, namni nama waa barreessu tokkoon yaada waljijjiiruu kan danda'u, yoo waan barreessaan barreesse dubbisee hubachuu danda'edha. Gama biraan immoo waa barreessuunis kan danda'amu dursanii dubbisuun yoo danda'amedha

Dandeettii dubbisuu gaarii barattoonni akka qabataan taasisuu keessatti gahumsii fi gaheen barsiisaa olaanaadha. Dandeettii dubbisuu dandeettii barnoota idileettiin mana barumsaa keessatti yookaan barsiisaan kan baratamu malee akka dhaggeeffachuufi dubbachuu kan manatti yookaan barnoota mitidileen kan argamu waan hinta'iinif gaheen barsiisaa daraan barbaachisadha. Kana malees, tooftaafi dandeettiin barsiisaan afaanii dubbisuu ittiin barattoota barsiisu dandeettii dubbisuu barattoonni akka qabaatan taasisuu irratti dhiibbaa geessisu niqabaata. Kanaafuu barsiisaan dandeettii dubbisuu barsiisuu tooftaa yookaan mala dandettiin dubbisuu ittiin barsiifamu hundattii akkaataa barbachisummaa isaatti daree barnootaa dandeettii dubbisuu keessatti dhimma itti bahuun barbaachisaadha.

Malli baruuf barsiisuu hedduutu jiru. Malli baruuf barsiisuu kunneen tarsiimoo fi tooftaa ittiin afaan barsiisan kan mataa isaanii qabu. Dandeettii afaanii gurguddoo kanneen jedhamanis tooftaa yookaan tarsiimoo ittiin baratamaniifi barsiifaman qabu. Dandeettiin dubbisuu akaakuuwwan dubbisuu ariitiin(saffisaan) dubbisuu, sakkatta'aan dubbisuu, bal'inaan dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuu kanneen jedhaman yemmuu ta'u, tarsiimooleen ittiin barsiifaman ammoo dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa booda kanneen jedhamanidha (Misgaanuu, 2010). Barsiisaan dandeettii dubbisuu barsiisu tokko akaakuuwwaniifi tarsiimoolee dubbisuu kanatti fayyadamuun barsiisuun isarraa kan eegamudha.

Barsiisuun dalagaa nama dirree barsiisummaan baratee baheefi itti ramadameti. Barsiisaan tokko akka biyya keenyaatti sadarkaa dippiloomaafi digiriitti Yuunivarsitii yookaan Koollejji galee yeroo turtii isaa keessatti korsiiwwan barsiisummaaf ramadaman akkataa itti barsiisan waliin baratee bahee barsiisaa ta'a. Barsiisaan afaaniis akkaataa itti afaan baratamuufi barsiifamu baratee kan bahu ta'a. kanumarraa ka'uun ogummaa ittiin baratee akkaataa itti hojiirra oolchaa jiru ilaaluun nidanda'ama. Kanumaan walqabatee qorannoo kana keessattis barsiisaan afaan barsiisuuf baratee bahee ramadamee hojjetaa jiru akkamitti dandeettiiwwan afaanii gurguddoo keessaa dandeettii dubbisuu akka barsiisaa jirun xiinxalee kan ka'eedha.

Dandeettii dubbisuu barnootaan kan argamuudha. Barnoonni ammo bakka itti baratamu, meeshaa ittiin baratamu, nama barsiisuu barbaada. Kanaan walqabatee barsiisuu jechuun maal akka ta'e ilaaluun gaarii ta'a. Maalummaa barsiisuu hayyoonni garagaraa kallattii garagaraatiin hiikuu yaalu. Akka Nelsen fi Albertalli (2002) jedhanitti hiika isaa bal'aatiin (broder sense) adeemsa barsiisaan kanneen garee yookaan dhuunfaan baratan gara sadarkaa beekumsa guddaatti yookaan dandeettii caaluutti guddisuuf taasifamudha jedha. Desforges (1995) akka jedhuttis, dalagaa itti yaadamee daree keessatti taasifamu jechuudha jedha. Akka Schlechty (2004) hiikee itti kennutti ammoo barsiisuun ogumma. Ogummaa barsiisaan haala baruu mijeessuufi barattoonni fedhii wanta barataniis akka horatan taasisuu jedha. Frimpong (1990) adeemsa barsiisaan beekumsa, dandeettiifi ilaalcha barataa yookaan barattootaaf kallattii hubannoofi dandeettii isaanii cimsuuf taasisu. Akkasumas, jijjirama amalaa barattoonni yookaan barataan akka fidaaniif taasisan kan geggeffamu barsiisuu jedhama jechuun hiika.

Hiikkaa olitti kenname irraa wanti hubatamu, barsiisuun adeemsa barataafi barsiisaa gidduutti geggeeffamu, kan barsiisaa qofti geggeessu kan hintaaneefi barataas kan hirmaachiisu. Akkasumas, gocha itti yaadamee geggeeffamu ta'uu isaati. Bu'uuruma kanaan, dandeettii dubbisuu dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa isa baayyee barbaachisaa ta'uu isaa hiikkawwan olitti eeraman irraa hubachuu irraan kan ka'e qorata kunis dandeettii dubbisuu barsiisuu ilaalchisee hojirra oolmaa toftaalee dandeettii dubbisuu barsiisonni daree Afaan Oromoo keessatti agarsiisaa jiran maal akka fakkaatu xiinxaluuf kayyeeffatee qorannoo kana geggeessera.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barsiisaan keessumaa dandeetti dubbisuu barsiisuu keessatti wantoonni hedduu kan hojjetaman karaa ogummaa dubbisuutiin ta'uu isaa beekuun barbaachisadha. Gosa barumsaa kamiyyuu keessatti barattoonni ofii isaaniitiin waan tokko dubbisanii hubachuu baannaan kaayyoon baruufi barsiisuu seeraan galma gahuu hin danda'u. Beektonnifi barreessitoonni hedduunis kana nimirkaneeessu. Fakkeenyaaf (Geetaachoo, 1996), ciminaafi dadhabina barattoonni barnootarratti qaban kan murteessuufi afaan barachuudhaafis dubbisuun furtuu ta'uu isaa ibsa. Dabalees Sesan (1997) Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hojii bal'aan kan hojjetamu karaa dubbisuutiin ta'ee, tartiiba sagalee hubachuu irraa eegalee hanga jechootaafi himoota akkasumas wantoota barreeffaman hunda dubbisuu danda'uu akka ta'e ibsiti. Yaanni kunis isuma duraan ka'aa ture deeggaruun baruufi barsiisuun seeraan kan gaggeeffamu, karaa dubbisuutiin ta'uu hubachiisa.

Haala yeroo ammaa addunyaan keessa jirtu kanattii barbaachisummaan dandeettii dubbisuu daran olaanadha. Garuu wanti gaaffii ta'u: barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa adda addaa keessaa barsiisan haala kamiin dandeettii kana barsiisaa jiru? Dandeettiin barattoonni dubbisuu irratti qaban keessumaa barattoota naannoo Oromiyaa sadarkaa 2ffaa baratan kan jedhu ilaalamuun gaarii ta'a. Itoophiyaa naannolee garaagaraa keessatti barsiisonni yookaan qorattoonni baayyeen barattoonni sadarkaa 2ffaafi isaa ol jiran dubbisuu irratti rakkoo isaan quunnamufi hanqinaalee jiran qorannoo irrattii geggeessani jiru. Baayyeen isaaniis barattoonni sadarkaa kamirra jiran dubbisuun walqabatee rakkoo akka qaban lafa kaa'u.

Akka muuxannoo qorataan kun qabuttis rakkoon dubbisuun walqabatu manneen barnootaa sadarkaa jalqabaa keessatti hundee gadifageeffatee kan argamu yeroo ta'u; haata'umalee, manneen barnootaa sadarkaa 2ffaas rakkoo kanarraa bilisa jechuu miti. Silumaayyuu haala yeroo ammaatiin manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti rakkoon kun garmalee baay'atee argama. Kanumarraa ka'uun maddi rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa maal kan jedhu xiinxaluun furmaata barbaaduun gaarii ta'a.

Dandeettii dubbisuutiin walqabatee qorannoon garagaraa biyyaa keessaaf alatti namoota garagaraan yeroo adda addaattifi sadarkaa adda addattii geggeeffameera. Keessuma gama hanqina dandeetti dubbisuu barattootaa adda baasuu jedhuun hedduun hojjetamee jira.

Hanqinaalee qorataman keessaa wantoota hubannoof dubbisuu barattootaa danqaniifi hubannoof dubbisuun isaanii hangam akka ta'e ilaalamuuf yaalameera. Fakkeenyaaf, qorannoowwaan geggeeffaman keessaa Misgaanuu Dirribaa (2018) mata duree 'Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo: Godina Jimmaa Aanaa Noonoo Benjaa Mana Barumsaa Qophaa'ina Algaatti' jedhu irratti kan geggeeffame yommuu ta'u argannoo isaatiin barattoonni hedduun hubannoof dubbisuu irratti hanqina akka qaban ibsa. Qorannoo biraan qorataa Gemechis Teshome (2014) kan geggeeffame yemmuu ta'u innis manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa godinaalee Oromiyaa lama irratti dandeettii dubbisuu barattootaafi tooftaa barsiisuu barsiisonni fayyadaman xiinxaluuf geggeesseen barattoonni harki caalaan hanqina akka qabaniif barsiisonni hedduun dhimma dubbisuu irratti xiyyeeffannoo kan hin kenninee ibseera.

Kana malees, Ministeerri Barnoota Itiyooophiyaa (2008) qorannoo isaa National Learning Assessment (NLA) jedhu kan sadarkaa qophaa'ina irratti adeemsiseen akka ibsetti barattoonni Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan dubbisuu irratti hanqina guddaa qabaachuu ibseera. Kumalaa (2007) mata duree "Barnoota kutaa 9ffaa dubbisa Afaan Oromoo barsiisuu irratti wantoota dhiibbaa geessisan" jedhu irratti qorannoo geggeessee jira. Kaayyoo qorannoo isaa wantoota Afaan Oromoo dubbisuu irratti dhiibbaa geessisan sakatta'uudha. Argannoon qorannoo isaatinis dubbisa Afaan Oromoo irratti waantoonni dhiibbaa geessisan kanneen akka: fedhii dhabuu barattootaa ta'uu ibseera.

Walumaagalatti qorannon olitti geggeeffame kunneen manneen barnootaa garagaraaf sadarkaan adda adda ta'an irrattii kan geggeeffaman yeroo ta'an dandeettii dubbisu irratti xiyyeefatanii qorannoo geggeessaniin barattoonni hanqina qabaachuu ibsaniiru. Haata'u malee, hanqinni barattota kana gama barsiisaan ta'uuf dhiisuu isaa xiyyeeffannoo qorannoo isaanii hinturre. Mana barumsaa qorataan filate keessattis rakkoon hanqina dandeettii dubbisuu barattoota biratti baayyinaan waan mul'atuuf hanqinichi gama kamiin akka ta'e adda baasee xiinxaluuf mata duree kana filate. Kana malees, gara duraattii barsiisonni kallattii kanarra jiran hubannoo argachuun dandeettii dubbisuu cimaa barattoonni akka horatan taasisuuf gahee isaani irraa eegamu sirnaan akka bahan taasisa jedhee waan yaadeef qorannoo kan geggeessee rakkoo jiranis qaacceessuun ibsa itti kennee jira. Walumaagalatti qorannoo kanaaf ka'umsi barattoonni mana barumsaa qoratichi filatee dandeettii dubbisuu irratti hanqina guddaa waan qabaniif hojjiirra oolchuu

toftaalee dandeettii dubbisuu barsiisota keessatti ilaaluun madda rakkoocha adda baasuufi furmaata itti kennuufi.

3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Walumaagalatti qorannoon kun gaaffiiwwan armaan gadii deebisuuf kan adeemsifamedha.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan daree barnoota afaanii keessatti tooftaadandeettii dubbisuun ittiin barsiifamu hojiirra oolchaa jiru?
- Tooftaa dandeettii dubbisuu barsiisuu daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamu hojiirra oolaa yoo hinjirre barattoota irratti dhiibbaa geessisuu danda'a?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa daree barnoota Afaan Oromoo maanneen barnootaa sadarkaa 2ffaa arfan Aanaa Begii keessatti argaman qaban xiinxaaludha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan daree barnoota afaanii keessatti tooftaadandeettii dubbisuun ittiin barsiifamu hojiirra oolchaa jiru?
- Tooftaa dandeettii dubbisuu barsiisuu daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamu hojiirra oolaa yoo hinjirre barattoota irratti dhiibbaa geessisuu danda'a?
- Barsiisonni Afaan Oromoo daree barnoota afaanii keessatti hojiirra olmaa tarsiimoo dandeettii dubbisuu barsiisaa jiraachuu isaanii adda baafachuu.
- Tooftaa dandeettiin dubbisuu daree keessatti ittiin barsiifamu hojiirra yoo hin oolle rdhiibbaa geessisuu danda'u xiinxaluu.

1.5 Faayidaa Qorannichaa (Barbaachisummaa Qorannichaa)

Qorannoon kun kan barbaachiseef adeemsa dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti gahumsa barsiisota Afaan Oromoo barattota kutaa 9ffaa fi 10ffaa barsiisaa jiru xiinxaluudha. Kanumarraa ka'uun bu'aa qorannoo kanaatti kallattiin fayyadamoo ta'uu jedhamanii kan yaadaman kanneen armaan gadiiti:

1. Manneen barnootaafi barsiisonni kallattiin eddattoo qorannoo kanaa ta'an hundi dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti hanqinni jiru maal akka ta'ee hubatanii furmaata akka itti barbaadaniif isaan gargaara.
2. Beektonniifi hojjettoonni sadarkaa sadarkaadhaan jiran bu'aa qorannoo kanaatti fayyadamuun adeemsa hojii baruufi barsiisuu fooyyessuu nidanda'u. Akkasumas, deggersaafi hordoffii barbaachisaa barsiisotaaf akka taasisaniif kallattii agarsiisa.
3. Namoota biroo qorannoo walfakkaataa hojjechuu barbaadaniifis akka ka'umsaatti ni gargaara.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffamu Nannoo Oromiyaatti Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Begii keessatti Manneen Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa} afur: Mana Barumsaa Begii Sadarkaa 2^{ffaa}, Waabara Sadarkaa 2^{ffaa}, Teenzee Sadarkaa 2^{ffaa}fi Kobor Sadarkaa 2^{ffaa} kanneen jedhaman irratti. Dandeettiwwan afaanii kanneen gurguddoo jedhaman keessaas dandeettii dubbisuufi barsiisota keessaa ammoo barsiisota Afaan Oromoo barsiisan qofa irratti kan geggeeffamedha

1.7 Hanqina Qorannichaa

Mataduree Qorataan kun yeroo qorannoo kana geggeesseetti hanqinni mudate nijira. Isaan keessaa mataduree kan qofarratti qorannoo raawwachuun hanqina tahuu mala. Sababni isaa gama dandeettii dubbisuu hojjiirra oolchuu irratti gama barattootaan danqaaleen jiraachuu malan qorannoo kana keessatti waan hinibsamneef.

1.8 Ibsa Naannoo Qorannichaa

Qorannoon kun Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Begii Manneen Barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa} keessaatti Xiinxala dandeettii dubbisuu barsiisuun hojjiirra oolchuu barsiisotaa daree barnoota Afaan Oromoo jedhu irratti xiyyeffata. Waa'ee Aanaa kanaa ilaalchisee qorannoon gadifageenyaan godhame jiraachuu baatus, ragaan waajjira Aadaaf Turizimii aanichaa (2010) irraa argame akka mul'isutti magaalattiin kan hudeeffamte bara 1924(?) keessaa akka ta'eefi umrii dheeraa qabaachuu isheeti. Moggaasni maqaa isaatis maqaa nama naannoo sana jiraachaa ture kan 'Beekaa' jedhamurraa akka ta'edha. Beekaa jedhamaa akka turteefi turtii keessa sirna

siyaasaa bara sana keessa tureefi namoota Afaan Oromoo hinbeekneen dhiibbaa irra gaheen gara maqaa amma ittiin waamamaa jiru 'Begii' jedhamutti jijjiiramuu ragaan barreeffamaan argame ni'ibsa. Aanaan Begii naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa keessaa tokko ishee tokko. Magaalaa guddittii biyyattii Finfinnee irraa 707km fagaatee kan argamtu yommuu taatu, magaalaa godinaa irraa ammoo 266km fagaatee argamti. Aanaan kun argama birqabaatiin karaa bahaa Aanaa Qondaalaa, Dhihaan Benishaangul Gumuz, Kibbaan Aanaa Gidaamiifi Kaabaan immoo Aanaa Baambasii kan jedhamutu daangessa. Argama Astiroonomiitiin ammoo, 9⁰19*38-9⁰21*45 Kaaba sarara dagaleefi 34⁰31*00 Dhihaa sarara dalgee irratti argamti. Aanaan kun haalli qilleensaa ishee badda daree yemmuu ta'u, haalli teessuma lafaa ishee pilaatoodha. Aanaan kun gandoota 45 kan qabduufi sabaafi sablammoonni garaagaraa keessatti argaman ragaan sassaabame ni addeessa. Aanaa kana keessa manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa afuriifi (4) qopha'ina tokkootu (1) argamu.

1.9 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan of jalatti kan hammatuudha. Boqonnaan tokko, seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree, gaaffiiwwan bu'ura qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, Ibsa naannoo qorannichaafi qindoomina qorannichaa of-keessatti kan qabatedha. Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruutu dhihaate jira. Itti aansee, boqonnaan sadii keessatti ammoo saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, meeshaalee funaansa odeeffannoo, mala iddatteessuufi mala qaaccessuu of-keessatti qabatee dhihaate jira. Boqonnaa afur keessatti immoo ragaaleen qaaceeffamuun, ibsamuuniifi hiikkamuun raawwii qorannichaa ibsantu dhiyaate. Xumura irratti, boqonnaan shan keessatti yaada xumura, goolabaafi yaada furmaataa qorannichaa kan dhiyaatu yoo ta'u, wabiileefi dabaleewwan itti aananii tarreeffamuun dhihaatanii jiru.

BOQONNAA LAMA : Sakatta'a Barruulee Walfakkii

2.1 Yaadrimee Dubbisuu

Dubbisuun hojii kaayyoofi kaayyoon hojjetamudha. Kana malees, hojii walxaxaa adeemsa xiinsamuu (Cognitive Process) mallattoo irraa hiika argachuuf taasifamudha. Itti dabaluuinis karaa afaan ittiin baratamu, ittiin walquunnamuufi yaada akkasumas odeeffannoo wanta garagaraa irraa ittiin waliif qoodan idha jechuun Harvey, S., & Goudvis, A. (2000) dubbisuuf hiika kennuu yaalu.

Williams (1984) yommuu gabaabinaan ibsu, dubbisuun adeemsa ta'ee adeemsa kana keessatti dubbisaan tokko yemmuu barreeffama dubbisu ergaa isaa hubachuudhaan hiika kan itti laatu akka ta'e ibsa. Kana jechuun hiikni dubbisa tokkoo kan argamu barreeffama sana qofa keessatti osoo hin ta'iin, dubbisaatu jechoota, himootaafi qindaa'ina dhimmoota waan dubbifamu sana keessatti argaman irraa deeggaramuun hiika itti laata. Dubbisaan hiikaafi ergaa barbaachisaa ta'e argachuuf miira si'aawaa ta'een dubbisuu qaba malee hiika irruma keessaa hin argatu. Yaada kana Nuttal (1982:9) akkas jechuun ibsiti, "The meaning is not merely merying in the text waiting to be passive absorbed, on the contrary the reader is actively involved and will very often have to work to get the meaning out." Yaada kanarraa waanti hubatamu, dubbisaan tokko yammuu gara dubbisuutti dhufu, muuxannoo duraan qabutti gargaaramuun dubbisa sana hubachuu isaati. Waan kana ta'eef dubbisaan tokko barreeffama sana sammuutti waraabbata osoo hin ta'iin muuxannoo isaatti fayyadamuun sammuu keessatti waan hojjetu qaba jechudha.

Addunyaa (2012:28) dubbisuu akkas jechuun hiika "Dubbisuun ergaa dhiyaate sana muxannoo ofitiin wal qabsiisuun hiikuu gaafata" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ogummaan dubbisuu, dubbisa keessaa hiika argachuuf muuxannoo qabnu dhimma dubbifamu sana waliin wal qabsiifnee akka ta'edha.

Yaada beektota kanneenii irraa kan hubatamu, dubbisuun gocha hiika yookiin ergaa waan barreeffame yookiin waan maxxanfame irraa argachuu ta'u isaati. Barreeffama dhiyaate tokko haala barbaachisaa ta'een dubbisanii ergaa isaa hubachuudha. Dabalataanis, dubbisuun walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduutti uumamu ta'ee kan hiikni sammuudhaa gara sammuutti ittiin darbu ta'uu hubanna. Dubbisuun jechoota qulqullinaan ilaalu, sirreessanii

waamuufi jechoota adda ta'an beekuu irra hubannoon hunda caala barbaachisaa akka ta'e hubanna.

Galmeen jechoota Afaan Ingiliizii, 'Oxford Dictionary of Current English' jedhamu jecha dubbisuu jedhu akkasitti hiika. "Reading is understanding the meaning of written or printed words or symbols." jedha. Akka yaada kanaatti dubbisuun gochaa hiika yookiin ergaa wanta barreeffame yookaan wanta maxxanfame irraa argachuu jechuudha. Dubbisuun odeeffannoo qubeewwanifi jechoota barreeffama keessatti dandeettii dubbisichaan akkaataa hiika itti laatamu of keessaa qaba. Haaluma wal fakkaatuun, ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo keessattis hubannaa qubeedhaa hanga qindaa'ina jechootaarratti qabaachuun dubbisa tokko ergaasaa haala gaarii ta'een hubachuuf gargaara. Dabalataanis, dubbisuun sagaleelee gara jechootaatti, jechoonni gara himootaatti, himoota immoo gara hiika qabeessaatti qindeessuu of keessatti kan hamate ta'uu Walker (1988) ni'ibsa.

Dandeettiin dubbisuu dandeettiinwan fudhato jedhamee beekama. Sababni isaas karaa ittiin wanta barreeffamee jiru tokko irraa wanta tokko argachuuf taasisnu waan ta'eef. Dubbisuun xiinxala sammuu kan gaafatudha. Akka Akaegbobifi kanneen biroon (2014) ibsanitti, dubbisuun xiinxala jechoota, hima, gaalee, fi kkf. irraa hiika argachuuf gosoota adeemsawwan yaaduu kanneen akka: xiinxaluu, qaaccessuu, uumuu, madaaluu, murteessuufi rakkoo furuu kan gaafatudha jedhu. Yaada kanarraa wanti hubatamu dubbisuun dandeettii dhimma sammun walqabatee ta'uufi adeemsa qabaachu isaati.

Akkuma beekumsi wanta barreeffamee jiru tokko keessatti kuufamee argamu, dubbisuun ammo barattootaaf beekumsa wanta barreeffamee jiru sana keessaa sammuu akka qabaatan/kuufatan tasisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kanaafuu dandeettii dubbisuutiin hanqina qabaannaan gosa barnootaafi dirree barnootaan alattii illee milkaa'umsa nama dhabsisuu danda'a (Uwatt fi Ntta, 2010).

Manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa barnoota sadarkaa tokkooffaafi sadarkaa olaano keessatti baratamu walitti hidhuuf gargaara. Dubbisuun sadarkaa jalqabaa keessatti akka seensatti yommu dhihaatu; sadarkaa 2ffaa keessatti ammoo dubbisuu barsiisuun caalmaatti kan dhihaatudha. Barattoonni sadarkaa 2ffaa baratan qormaata kutaafi qormaata sadarkaa olaanaa akkasumas turtii

yeroo barnootaaf qabaniifi barnootaan alatti (dirree hojii) keessatti milkaa'uuf dubbisuun baayyee isaan barbaachisa (Okoye fi Ene, 2011).

Kaayyoon dubbisuu barsiisuu barattoonni dandeettii dubbisuu cimaa akka qabataan taasisuudha. Kana malees dubbisaa gaarii akka ta'aniifi. Dubbisaa gaariin ariitiin wanta barreeffame dubbisee kan hubatuufi wanta ariitiin dubbisee hubate gadi fageessee xiinxalee ofitti fudhachuu kan danda'udha (Felicia, 2019). Akkuma barreessitoota adda addaatiin ibsame, dubbisuu jechuun wantoota barreeffamanii yookiin maxxanfamanii jiran tokkoof hiika kennuu jechuu dha. Dubbisuun barachuuf bu'uura kan ta'eefi adeemsa jiruufi jireenya namaa keesstti baay'ee barbaachisaa ta'uun isaa ni hubatama.

Walumaagalatti, dubbisuun dandeettii afaanii keessaa tokko ta'ee, karaa namoonni wanta maxxanfame yookaan barraa'e tokkorraa muuxannoo, odeeffannoofi hiika isaa argachuu danda'an jechuudha. Dubbisuun kallattiifi karaa maddi odeeffannoo adda addaa argamu ta'ee, hanga ammaatti hiikaan (definition) waliigalaa ta'e tokko kennameefii hinjiru. Qorataan qorannoo kanaas yaada hayyoonni maalummaa dubbisuuf kaa'an kanarraa ka'uun dubbisuun adeemsa waan barreeffame tarsiimoolee garaagaraatti fayyadamuun ergaa isaa hubachuu akka ta'e hubata.

Dandeettii dubbisuu qabachuun bu'aa hammana hin jedhamne yoo qabaateyyuu, haala giloobaayizeshinii ammaa keessatti dandeettii dubbisuu kana manneen barnootaa keessatti yoo ilaalle sadarkaa nama yaaddessurra jira. Gahumsi barsiisaan dandeettii dubbisuu barsiisuu gama tiyooriifi hojiirra oolmaa daree keessaatiin yoo ilaalamus haala kanarraa fagoomiti. Sababni isaa barattoonni baayyeen dubbisuu hindanda'an. Kan dubbisan baayyeen isaanii isa dubbisan hubachuu irratti hanqina qabu. Kanaaf yeroo namni tokko bakkuma taa'u taa'ee barnoota barachuu danda'aa jirutti dandeettiin kun barattota biratti hanqina qabaachuun qaaniidha. Bu'uuruma kanaan xiyyeeffannaan qorannoo kanaas gama barsiisaan xiyyeeffannoo dandeettii dubbisuu kennamaa jiru sakatta'a. Kallattii inni ittiin xiinxalus gahumsa barsiisaa kallatti dandeettii dubbisuu barsiisuutin (teaching reading method) ta'a.

2.2 Faayidaa Dubbisuu

Beekumsi dandeettiiwwan afaanii baay'ee barbaachisaa ta'uu beektonni karaa garaagaraa ibsu. Haaluma kanaan, Atchison (1999) ilmi namaa yeroo isaa baay'ee dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudhaan akka dabarsu ibsa. Akkasumas, namoonni waliin dubbatan giddu galeessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota kuma afurii hanga kuma shanii dubbii isaanii keessatti akka fayyadamuu danda'an hubachiisa. Dubbisa keessatti immoo namni tokko giddu galeessaan sa'aatii tokko keessatti jechoota kuma kudha afurii hanga kuma kudha shanii dubbisuu akka danda'u ibsa. Akkaataa yaada kanaatti ogummaan dubbisuu hagam fayidaa qabeessa akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Gochaan dubbisuu dandeettii dubbisuu cimsuuf shaakaloota garaagaraa keessa kan darbu yoo ta'u, yaad-rimee dubbisuu hanga tokko hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu dandeettii dubbisuu barsiisuun sirna barnoota afaanii keessatti baay'ee barbaachisaa ta'uu hubanna. Akka qaama dandeettii afaanii tokkootti dandeettiin dubbisuu barnoota afaanii keessatti xiyyeeffannaa guddaa qaba (Burns&etal, 1999).

Faayidaa dubbisuu ilaalchisee Darajjeen (1998) akka ibsutti, adeemsa mana barumsaa keessatti barnoota garaa garaa kennamu hojiirra oolchuus ta'ee, addunyaa mana barumsaatiin alatti jiru keessatti gaheen dubbisuu baay'ee olaanaadha. Akka yaada kanaatti dubbisuun milkaa'ina barumsaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akkasumas, mana barnootaan alas addunyaa ammayyaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa gama barreeffamaan jiru argachuuf gahee dubbisuun qabu ol'aanaadha.

Ogummaan kun bu'uurri isaa kan jalqabamu wayita daa'imummaattii ta'uu isaa yaada namoota biroo irraa fudhateen Darajjeen kitaaba isaa keessatti kaa'eera. Afaan barachuu keessatti dandeettiin dubbisuu isa tokko waan ta'eef akkuma kanneen biroo dandeettiin kunis daree keessatti seeraan baratamuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee Nuttal (1984) dubbisuun karaa barattoonni muuxannoo garaa garaa adeemsa jireenya isaaniitiif ta'u ittiin argatan ta'ee, adeemsi dubbisuu sagalee osoo hin dhageessisiin barreeffama tokko dubbisanii ergaa isaa hubachuu danda'uu akka ta'e ibsiti. Akkuma beektonni hedduun ibsanitti, dubbisuun ogummaa baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonni daree keessatti dandeettii barumsa isaanii gabbifachuuf kan

isaan gargaaru waan ta'eef dandeettii kanaan cimuun barbaachisaa akka ta'e bal'inaan ni'addeessu.

Akkasumas, waantota hedduu adeemsa jireenya isaaniitiif ta'uu danda'u kan argatan karaa dubbisuutiin akka ta'e beektonni kunneen ni ibsu. Akka beektonni hedduun ibsanitti dubbisuun dandeettii baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonni daree keessatti ogummaa barumsa isaanii gabbifachuufis ta'ee cimsachuuf kan isaan gargaaru waan ta'eef ogummaa kanaan cimuun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Akkasumas wantoota hedduu adeemsa jireenya isaaniitiif ta'u kan argatan karaa dubbisuutiin akka ta'e beektonni kunneen ni ibsu. Afaan barachuu keessatti dandeettiin dubbisuu isa tokko waan ta'eef akkuma kanneen biroo dandeettiin kunis daree keessatti seeraan baratamuun barbaachisaa ta'uu beektonni ni'ibsu.

Barattoonni aadaa dubbisuu horatanii akka guddatan taasisuu keessatti gaheen maatiifi barsiisotaa olaanaadha. Barattoonni kitaaba irraa barataniin ala barreeffamootaafi kitaabota adda addaa akka dubbisaniif jajjabeessuufi kakaasuutu irraa eegama. Ofii isaaniitiifis dubbisuudhaan barattootaaf fakkeenya gaarii ta'uu qabu. Maatiin daa'imman gara mana barumsaatti yeroo ergan akkaataa umuriifi kutaa barnoota isaaniitiin kitaaba barumsaatiin ala kitaabota adda addaa bituufiin akka dubbisan taasisuutu irra eegama. Daa'imni aadaa dubbisuu horate guddate dammaqaa, beekaafi qorataa ta'a waanta ta'eef.

Maatii hedduun daa'ima isaaniitiif kitaabilee utuu hintaane meeshaalee taphawwan adda addaa bituuf. Ofii dubbisanii daa'imman isaaniis akka dubbisan taasisuurra fiilmiifi diraamaa adda addaa akka ilaalan taasisu. Kun fakkeenya gaarii miti. Maatiin daa'imman isaanii guyyaa guyyaan sa'aatii gabaabaaf akka dubbisan gochuu qabu. Waan dubbisanis irra deebi'anii akka dubbataniifi barreessan taasisuudhaan hangam akka waan dubbisan yaadataniifi qalbeeffatan beekuu qabu.

Daa'imman aadaa dubbisuu utuu hinhoratin guddatan erga guddatanii booda aadaa dubbisuu akka horatan taasisuun ni ulfaata. Daa'imman dubbisaa guddatan dandeettiin yaaduu isaaniis daran dabala. Jireenya isaaniittis gammachuufi milkaa'ina qabu.

Daa'imman aadaa dubbisuu horatanii guddatan bakka hintaane ooluu irraa nifagaatu. Rakkoo isaan mudate furuufi haala salphaan keessa darbuuf dandeettii ni qabaatu. Akkasumas ofitti

amanamummaafi hubannaa waan qabaniif dubbachuu, gaafachuu, deebisuufi murtee kennuuf hinrakkatan. Hiriyoota isaanii wajjin jaalalaafi nagaan waliin jiraachuufis hinrakkatan.

Akkuma ispoortiin qaamaa keenya cimsu dubbisuun ammoo sammuu keenya cimsa. Kanaafuu daa'imman aadaa dubbisuu horachuun akka guddataniif maatiin kitaabota adda adda bituufin gaarumaa qaba.

Dubbisuun sammuu haressuuf, odeeffannoo dabalataa argachuuf, wantoota haaraa wajjin walbaruuf, seenaa darbe beekuuf, jireenya haala fooyya'aadhaan geggeessuuf, addunyaa harka keessa galfachuuf nu gargaara. Dubbisuun wantoota kallattii gara garaatiin akka ilaallu nu taasisa.

Aadaafi dandeettii dubbisuu gabbifachuun jireenya keenya fooyyessuufi sirriitti geggeessuuf nu gargaara. Kanaafuu maatiifi barsiisonni keessumaa afaan barsiisan barattoonni aadaa dubbisuu horatanii akka guddatan taasisuu keessatti gahee irraa eegamu sirriitti bahachuu qabu.

Gaazexaa Bariisaa (2011:11) irratti barreeffamni dhiyaate akka mul'isutti, biliyeenara addunyaa beekamaan 'Waareen Buufet' guyyaatti yeroosaanii %80 dubbisa irratti akka dabarsudha. Biliyeenarri addunyaa beekamaan, 'Biilgeet' waggaatti kitaabota 50 ol dubbisa. Geggeessotoonni biyyoota addunyaa ciccimoonis yeroosaanii harka caalu dubbisaan dabarsu isaanii addeessa. Kana jechuun dubbisuun milkaa'ina jechuu irra hubachuun nidanda'ama.

Dubbisuu dhiisuun gadaantummaan akka nutti dhagahamu taasisuurra darbee humnaafi dandeettii keenya akka hinbeekne nu taasisa. Addunyaanillee nuyiif gadheedha jennee hubanna.

Walumaagalatti, dubbisuun, jijjiiramuu, gara fuulduraatti tarkaanfachuu, rakkoo furuu, ogummaadhaan hojii tokko raawwachuu, murtii kennuufi geggeessuf nugargaara. Dubbisuudhaan seenaa darberraa barannee jireenya keenya boriif kallattii akka kaawwannufi nutajaajila. Dubbisuun guutuus nama taasisa.

2.3 Yaaxxinoota Dubbisuu

Yaaxinoonni adeemsa yookiin qajeelfamoota akka itti dandeettiwwan dubbisuu hojiirra oolan kan to'ataniidha. Yaaxxinoonni adeemsa dubbisuu gurguddoo ta'an sadiitu jiru. Isaanis:

2.3.1 Yaaxxina gubbaa gadii

Yaaxxinni kun yaaxina dubbisuu keessaa isa tokkodha. Akka Negash (2008) Goodman (1967) wabeeffachuun ibsutti yaaxxinni gubbaa gadii hojii dubbisaan hubannoo hafee (text) tokkorra gahuuf yaalii inni/isheen muuxannoofi beekumsa duraaniitti fayyadamuun raagu/tilmaamuuti jedha. Akka yaaxina kanaatti hafeen dubbatamaas (spoken) ta'ee kan barreeffamaa mataa isaaniin hiika kan qabaatan miti, hafeen dubbisaan muuxannoo isaa duraanii gargaaramee akkamitti hiika ijaarrachuu akka danda'u kallattii kan agarsiisudha. Ilaalcha yaaxxina kanaatti gaheen dubbisaa murteessadha. Dubbisuun adeemsa hojii sammuu si'aawaa kan barattooni muuxannoo duraan qabanirratti bu'uureffachuun hiika ittiin ijaarrataniidha. Altokko tokko hafee bal'aa fudhachuu danda'u, akkuma dubbisaniin hiika isaa ni raagu; yeroo kana qabiyyeewwan qofa qofaatti kan qoodan osoo hintaane waan duraan beekaniifi hiika hafee keessaa argan walitti firoomsu (Bycina and Dubin, 1991).

Barnoota keessatti hojiirra oolmaa yaaxxina gubbaa gadii adeemsa dubbisuu keessatti barsiisonni tarsiimoowwan dubbisuu bu'a qabeessa ta'etti xiyyeeffachuun barattooni muuxannoo duraanii gargaaramuun odeeffannoo hafee raguufi hiika itti kennuu danda'an taasisudha. Itti dabaluu Melkamu (2002:13) Wallace (2001) wabeeffachuun akka ibsutti "The top-down approach to reading stress the contribution of the reader's background knowledge of the world and the language systems to extract meaning from the text instead of the "word based" bottom-up style of reading process" jedha. Akka yaada kanaatti bakki guddaan kan kennameef beekumsa dubbisaan duraan qabuudha.

2.3.2 Yaaxxina Gadii Olii

Yaaxxinni gadii olii yaaxxina dubbisuu isa jalqabaati. Adeemsa dubbisuu keessatti ergaan kan jiru waan barreeffamee jiru keessa jedha. Akka Harmer (2001:36) ibsutti "reading is a process in which information is extracted from a text through a decoding of symbols (letters), words, phrases, clauses and sentencens." Kana jechuun dubbisuun akka itti ilaalame karaa waan maxxansamee yookiin barreeffameefi hiika hafee qubeerraa ka'uun hanga gubbaatti (himaatti) hubachuun yaada barreessaan dabarsuu barbaade irra deebi'uun ijaaruun adeemsa waraabbachuuti. Gama biraatiin yoo ilaalamu beekumsa dubbisaan duraan qabu tilmaama keessa kan galchu miti. Itti dabaluu Mcdonough and Shaw (1993:16) "the reader is considered as

“empty vessel” That is simply filled with the information the writer provides to him/her” jedhu. Kanarraa waanti hubatamu akka yaaxxina kanaatti dhaamsi/ergaan barreeffama tokkoo barreessaa bira yookiin sammuu dubbisaa keessa kan jiru osoo hin taanee barreeffamicha keessa jira. Kanarraa kan ka’e yaaxxinni kun quubsaa ta’ee hin argamne.

2.3.3 Yaaxxina walsimsiisaa

Bycina (1991:1997) yeroo *ibsu* “interactive theory of reading acknowledges the role of previous knowledge and prediction but at the same time of reaffirms the importances of the actual words of the text” jedha. Kun kan hubachiisu yaaxxinni walsimsiisaan adeemsa dubbisanii hubachuu argamuu kan danda’u waliigaltee beekumsa duranii dubbisaan qabuufi waan barreeffamee jiru sana gidduutti ta’uun akka ta’e ibsa. Itti dabalees, yaaxxinni gubbaa gadiifi gadii olii as keessatti osoo addaan hinba’in mul’achuun dirqama ta’a. Sababni isaas inni tokko isa kaan malee yaaxxina kana keessatti sirriitti hojjechuu waan hindandeenyeef. Kanaaf kutaa kana keessatti dubbisuu barsiisuuf qooda inni qabu guddaadha. Kana ilaalchisuun Malkaamuu (2014:14) irratti Bynica and Dubin (1991) wabeeffachuun “The implication of the interactive model for the teaching of reading is the classroom practice should include both bottom-up and top-down strategies” jedha. Kanarraa kan hubatamu barsiisonni mala dubbisuu isa barataa fayyadu irratti xiyyeeffatanii akka barsiisaniifi beekumsa duraanii fayyadamuun adeemsa hojiilee dubbisuu akka hojjetan gochuu kan jedhudha. Haaluma walfakkaatuunis dandeettii xinqooqaa kan akka jechootaa, himootaa, adeemsa dubbisuu keessatti kan isaan rakkisan akka fooyyeffatan gochuudha.

Walumaagalatti, adeemsa dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti yaxxinoonni kunneen faayidaa guddaa akka qaban hubachuun gaarii ta’a. Keessumaa barsiisaan yeroo barsiisuu haala kitaabni isa ajajuufi barataaf nimijata jedhee yaadeen yaaxxinoota fayyadame dandeettii kana barsiisuun bu’aa guddaa akka qabu kan wal nama gaafachiisu miti. Qorannoo kana keessattis yaaxxinoolee sadan kana bu’ureffachuun gahumsi dandeettii dubbisuu barsiisota ilaalameera.

2.4 Maloota Dandeettii Dubbisuu

Dubbisuun adeemsa sirnaawaa gosaafi hanga odeeffannoo barbaadamurratti hundaa’uun dandeettiwwan garaagaraa bifa garaagaraatiin hojiirra oolan of keessaa qaba. Maloota dubbisuu

ittiin barsiifaman hayyoonni garaagaraa ibsaniiru. Isaan keessaa kan Iisenberg (2002) kanneen armaan gadiitti eeramanii jiru.

2.4.1 Dubbisa Sakatta'aa

Sakattaan dubbisuun dubbisa ariitii kan odeeffannoo murtaawaa argachuurratti xiyyeeffateedha. Kunis kan ta'u ariitiin ija keenya waan dubbisnuurra adeemsisuun, kan dhimma keenyaan wal hinqabanne bira darbuun ittiin dubbisnudha. Sakkattaan dubbisuun kan barbaachisu yookiin hojiirra oolu yeroo odeeffannoon murtawaa muraasni barbaadamuudha. Isaanis kan akka guyyaa, mallattoo, maqaa, guyyaa, foormulaa, gaalee yoo barbaadamaniidha. Waan dubbisamu sana keessa gadi seenuun dubbisuun hinbarbaachisu. Barsiisaan dubbisa mala dubbisuu akkasiif oolan kan odeeffannoo murtaawaa of keessatti qabatan filuun barattoota isaaf dhiheessuun barbaachisaadha. Dabalataanis barsiisaan barattoonni of eeggannoon dubbisanii odeeffannoo barbaadamu akka argataniif yaadachiisuun barbaachisaadha. Gama barattootaan osoo hindubbisin dura gaaffiileen qophaahuu qabu. Shaakalli barattootaaf qophaahu shaakaloota ariitiin isaan hojjechuu danda'an ta'uutu irra jira. Walumaagalatti sakkattaan dubbisuu keessatti irra caalaan hafee(text) dubbifamuu xiyyeeffannoo keessa kan galchu miti.

Kana ilaalchisuun Meiyun (1994:185) akkas jedha “scanning is useful skill to locate specific items of information such as date, a key word, a figure or a name” jedha. Kun kan mul'isu malli kun dubbisaan odeeffannoo isa hin barbaachisne irra utalee odeeffannoo muraasa argachuuf kan itti dubbisuudha. Karaa guddaan ittiin sakkattaan dubbisuu barattoota barsiisaan gilgaaloota kanaaf mijatan qopheessuun barattoonni akka odeeffannoo muraasa murtaawaa ta'e barbaadan gochuudhaan.

Akkuma waliigalaatti yaada armaan olitti kennamanirraa kan hubatamu, saffisaan barattoonni dubbisa tokko dubbisuu akka danda'an gargaaruu jechuun barattoonni dubbisa saffisaafi callisaan dubbisanii gaffilee ijoo dubbisicha kessaa bahan yeroo gabaabaa keessatti hojjechuu akka danda'an gargaaruu jechuu dha.

2.4.2 Gadfageenyaan Dubbisuu

Dubbisi gadi fageenyaa tarsiimoowwan dubbisuu yookiin dandeettiwwan murta'aa shaakalsiisuu yookiin barsiisuuf fayyada. Brown (1989) yoo ibsu akkas jedha “intensive reading calls attention

to grammatical forms, discourse markers and other surface structure details for the purposive of understanding literal meaning, implicatio, rhetorical relationship and the like” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu mala dubbisaa kanaan barattoonni gadi fageenyaan waan dubbisan keessaa seenanii akka hubannoo argatan kan gargaaru ta’uu isaa isaati. Malli dubbisuu kun barsiisuun kan qajeelfamu yoo ta’u, kutaa afaan barsiisuu keessatti bal’inaan kan hojiirra ooluudha. Altokko tokko dubbisa qayyabannoo (study reading) jedhamees beekama. Sababni isaas dubbisaan bal’inaan hafee dubbisu keessa seenee hiika gadfageenya qabu argachuuf waan xiyyeeffatuuf. Akkuma beekamu dubbifamu gabaabaa ta’uun barbaachisaadha. Sadarkaan cimina isaas barsiisaan ilaalamee filatama. Kunis barattoonni akka shaakala ariitiin dubbisaniifi hafee sanatti hiika kennan dandeettii isaanii gabbisa. Asirratti barsiisaan barattoonni akka dhuunfaan hojjetan jajjabeessuutu irraa eegama.

Yaada olitti ka’e ilaalchisuun Nuttal (1982:64) yoo ibsitu “intensive reading takes place under close guidance of the teacher, or under the guidance of a task that forces a student to pay greater attention to the text,” jetti. Yaadi kun gaheen barsiisaan mala dubbisuu kan keessatti daran barbaachisaa akka ta’e ibsa. Kana malees, Harmer (2001) gahee barsiisonni dubbisa gadi fageenyaa barattoonni akka dubbisan gochuu keessaa qaban akka kanatti dhiheessa. Barsiisaan akka:

Qindeessaatti: kun barsiisaan sirriitti dhimma dubbisuu ibsuufii, qajeelfama ifa ta’e kennuu, yeroo hangamii akka hojjetan murteessuu kan ilaallatuudha.

Daawwataa: yeroo barattoonni dubbisan barsiisaan adeemsa isaanii to’achuudha. Kun immoo odeeffannoo ga’aan dhuunfaanis ta’e gareen hagam gaariitti akka hojjechaa jiran kennaaf.

Duubdeebii kennuu: Yeroo barattoonni hojiilee kennamuuf xumuran barsiisonni hangam hojjicha akka milkiin xumuran karaa ittiin mirkaneeffatanidha.

Dadammaqsaa: barsiisaan yeroo barattoonni dubbisan amaloota afaanii dubbisicha keessaa akka hubatan dadammaqsu/kakaasuudha. Asi irratti barsiisaan to’ataadha. Wantoota hubannoo barattootaa danqan ifa gochuudha.

Gadfageenyaan dubbisuun tarsiimolee dubbisuu keessaa tokko ta’ee adeemsa dubbisaan barreeffama tokko gadfageenyaan dubbisuun ergaa isaa sirritti hubachuuf taasisuudha. Gochaan

dubbisuu, kaayyoon isaa inni guddaan odeeffannoo funaanuudha. Kun immoo qabatamaan gaaffii gaafachuu jechuudha. Kunis gaaffichaaf odeeffannoon barbaadamuun deebii argachuun dirqama waan ta'eef kaka'umsa uuma. Yeroo kanas barattootni deebii murtaa'aa argachuuf barruu sana sakatta'u. Barsiisaanis deebii qabatamaa ykn murtaa'oo barbaadamu sana barattootatti hima. Sana booda barattootni barruu sana gadifageenyaan dubbisu. Kunis, odeeffannoo murtaa'oo funaanuuf gosa dubbisuu, gadi fageenyaan dubbisuu /intensive reading/'tti gargaaramu (Anderson et al., 1985).

2.4.3 Bal'inaan Dubbisuu

Gosa dubbisuu kaayyoo bashannanaaf dubbifamuudha. Kan keessaatti adeemsa yookaan yaa'a yaadaa barreeffama sanaa kan irratti xiyyeeffatuufi fakkaanyaaf dubbisaan asoosama dubbisa taanaan xiyyeeffannoon isaa namfakkiiwwan gurguddaafi xixinnaarratti xiyyeeffachuun eessaa garamitti seenaan asoosama sanaa deema jechuun bal'inaan dubbisa.

2.4.4. Saffisaan Dubbisuu

Akka Nuttal (1989) jettutti dubbisa saffisaa jechuun yaada ijoo barreeffama tokkoo argachuudhaaf ariitiidhaan dubbisuu ta'uu isaati. Saffisaan dubbisuun adeemsa waan barreeffame tokko keessaa odeeffannoo murtaa'aa argachuuf kan gargaarudha. Dubbisa tokko sababiin saffisaan dubbifnuuf yaada waliigalaa barreeffama tokkoo hubachuudhaaf ta'a. Kanaafis dubbisicha xiyyeeffannoon dubbisuu yookiin dubbisuu dhiisuu kan murteessinu ta'a. Fakkeenyaaf dubbisaan tokko barreeffamicha saffisaan dubbisee mataduree baay'ee jireenya isaatiif barbaachisaa ta'e addaan baafachuun isaas xiyyeeffannaan akka dubbisu isa gargaaruu akka danda'u hubanna.

Grellet (1981) Dubbisni saffisaa hojii xiyyeeffanno barbaadu ta'ee innis yaada waliigalaa dubbisaa tokkoo hubachuudhaafis ta'ee, dandeettii dubbisuu cimsachuuf nama gargaara. Barattoonni saffisaan akka dubbisan gochuu jechuun ofitti amanamummaa dandeettii dubbisuu akka gargaaruu jechuudha. Sababin isaas muuxannoo saffisaan dubbisuu qabaachuu jechuun yeroo gabaabaa keessatti yaadrimee dubbisa tokkoo hubachuu danda'uu jechuu akka ta'e ibsa.

Walumaagalatti saffisaan dubbisuun dandeettii guddaa waan barbaaduuf cimina barataafi barsiisaa kan barbaaduudha.

2.5 Gosoota Dubbisuu

Akka Geetaachoo (2001:6) jedhutti, dubbisuun gosoota lama qaba. Isaanis:

2.5.1 Dubbisa Sagalee

Dubbisa sagalee kan jedhamu sagalee ol kaasani akka dhaggeeffatootatti dhagahamutti dubbisuu.

2.5.2 Dubbisa Callisaa

Dubbisa callisaa kan jedhamu immoo osoo sagalee hin dhageessisiin dubbisa gaggeeffamudha. Dabalataanis faayidaa callisaan dubbisa yemmuu ibsu, “Dubbisni callisaa barreeffama adda addaa ofiitiif dubbisanii qayyabachuu gaaffilee dhiyaataniif deebii kennuuf (qormaata hojjechechuuf) maappota, baafatoota, giraafotaa fi kkf dubbisuudhaan yaadasaa qayyabachuuf gargaara” jedha. Akka yaada kanaatti ergaa dubbisa tokkoo gadifageenyaan hubachuudhaaf sagalee osoo hin dhageessisiin callisaan dubbisuun barbaachisaa ta’uu isaa mul’isa.

2.6 Tarsiimoo Dubbisuu

Fayidaa tarsiimoolee dubbisuu ilaalchisee William (1991) tarsiimoolee dubbisuutiif ilaalcha kennuu jechuun kaka’umsa dubbisuu argachuu qofaaf osoo hin taane rakkoolee adeemsa afaan barachuu keessa jiru hiikuufis ta’ee gaaffilee dubbisa keessaa bahanis seeraan hojjechuuf nama akka gargaaru ni’ibsa. Tarsiimooleen dubbisuu kanneenis bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: Tarsiimoo dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi tarsiimoo dubbisa boodaati.

2.6.1 Tarsiimoo Dubbisa Duraa

Akka barreessaan Wiener (1997) tarsiimoon dubbisaa kun barattooni waantota dubbisa tokko keessatti ibsamuu danda’an akka dursanii mataduree tokko irratti hundaa’uudhaan waa’ee dubbisichaa gadi fageenyaan xiinxaluu jechuu akka ta’e lafa kaa’a. Dabalees tarsiimoon dubbisa duraa kun jechoota dubbisicha keessatti kennamuu danda’an dursinee akka tilmaamnu nu gargaara. Osoo dubbisa tokko dubbisuu hin eegaliin mataduree dubbisichaa gadi fageenyaan xiinxaluun yaada barreesichaa akka gaariitti argachuufis ta’ee hubachuuf nama gargaara.

Akkuma maqaan isaa ibsu tarsiimoon dubbisuu kun adeemsa dubbisuu keessatti sadarkaa isa duraa ta’ee osoo dubbisuu hin eegaliin dura bakka waantonni hedduu itti hojjetamanidha. Sababiin isaas tarsiimoon dubbisaa kun kanneen birootiif ka’umsa ta’uudhaan hojiiwwan akka muuxannoofi beekumsa duraanii kakaasuu, waan dubbisa keessatti arguuf jiran raaguufi jechoota

ergaa dubbisichaa hubachiisuuf murteessoo ta'niif hiika kennuu fa'itu raawwatama. Kanaafis barattoonni dubbisa dhiyaate akka gaariitti dubbisuu akka danda'niif tarsiimoo dubbisa duraa kanatti xiyyeeffannoo kennuun barbaachisadha.

2.6.2. Tarsiimoo Yeroo Dubbisuu

Tarsiimoon dubbisaa kun sadarkaa barattoonni kallattiidhaan adeemsa dubbisuu keessa seenanidha. Kanaafis tarsiimoon yeroo dubbisuu kun yeroo barattoonni waantota dubbisicha keessatti ibsamani jiran hubachuuf carraaqanidha. Kana ilaalchisee, William (1984) irratti xiyyeeffannoon tarsiimoo yeroo dubbisuu yaada barattoonni dubbisicharratti qaban osoo hin ta'iin ergaa kallattiidhaan dubbisicha keessatti ibsame hubachuuf akka gargaaru ibsa. Barreessaan kun waa'ee tarsiimoo dubbisuu kanaa dabalataan yammuu ibsu, fayidaan tarsiimoo yeroo dubbisuu kun barattoonni kaayyoo barreessichaa hubachuudhaan qindoominaafi qabiyyee barreeffamichaa akka ibsuu danda'an gumaacha gochuu isaati. Karaa biraatiinis Nuttal (1989) waa'ee tarsiimoo dubbisuu yeroo lafa keessu, tarsiimoon yeroo dubbisaa kan eegalu yaada waliigalaa dubbisichaa hubachuu irraa ka'ee suuta suutaan qabiyyee keeyyataa, himaafi hiika jechootaa hubachuu akka ta'edha.

Yaada beektota kanaa irraa hubachuun akka danda'ametti dandeettiin hubannoo yeroo dubbisuu kun sadarkaa barattoonni kallattiidhaan adeemsa dubbisuu keessa seenan ta'uudha. Kanaafis tarsiimoon dubbisaa kun yeroo barattoonni kallattiidhaan waantota dubbisicha keessatti ibsamani jiran hubachuuf carraaqan malee muuxannoo kanaan dura qaban qofarratti kan hin hundoofne ta'uu hubanna. Yaada waliigalaa dubbisichaa hubachuufi odeeffannoo gooree ta'an argachuuf yeroo dubbifamudha. Kaayyoo kana galmaan gahuufis mala adda addaatu jira. Isaan keessaa malli isaan gurguddoon lamaan dubbisa saffisaa “(skimming)”fi dubbisa sakatta'aa “(scanning)” dha.

2.6.3 Tarsiimoo Dubbisa Boodaa

Tarsiimoon dubbisa boodaa kun erga hojiin dubbisuu xumuramee booda bakka waantonni adda addaa dubbisarratti xiyyeeffatan itti hojjetamanidha. Sadarkaa barattoonni dubbisicha ilaalchisee yaada adda addaa calaqqisiisuu danda'nidha. Fakkeenyaaf muuxannoo jireenya isaanii wajjin walqabsiisuun jaalala yookiin jibba dubbisicha ilaalchisee qaban kan itti ibsan ta'a. Yaada kan Rivers (1999) yoo ibsu, Tarsiimoon dubbisa boodaa barattoonni yaada waliigalaa dubbisichaa

akka guduunfan kan isaan gargaaru ta'ee, dubbisicha muuxanno, beekumsaafi jireenya isaanii wajjin akka walqabsiisan isaan gargaaru ta'uu isaati. Yaaduma kana kan deeggaru Williams (1984) akka jedhutti, kaayyoon tarsiimoo dubbisa boodaa waan dubbifame ilaalchisee yaada guduunfaa waliigalaa tokko kaa'uuf yaadichas beekumsa, fedhiifi ilaalcha barattootaa wajjin walqabsiisuudha" jedha. Dabalees Atkins (1996) yemmuu ibsu, Sababiin barsiisaan gaaffilee dubbisa boodaa barattoota gaafatuuf, barattoonni dubbisicha jireenya isaanii waliin akka walqabsiisaniifi maalummaa dubbisichaa sirriitti akka hubatan taasisuufi akka ta'edha.

Akkuma waliigalaatti dubbisaa cimaa ta'e tokko oomishuudhaaf beektonni keessumaayyuu barsiisonni barnoota dubbisaa irratti hundaa'uun tarsiimoolee dubbisaa kanneen hunda irratti xiyyeeffachuun akka barbaachisu kanneen armaan olitti ibsaman hundi nuhubachiisu. Karaa biroo barattoonni dandeettii dubbisuu cimsachuuf hubannoofi beekumsa dubbisa tokko irraa argatan addunyaa wajjin walqabsiisuuf dhama'uun isaan barbaachisa. Kana ilaalchisee Nuttal (1986) yoo ibsiti, kaayyoon tarsiimoo dubbisa boodaa barattoonni akka hubannoo waliigalaa addunyaa horatanii dubbisicha irrattis hubannoo waliigalaa argachuun isaaniis dubbisa biroo, madda beekumsa biroofi muuxannoo namoota biros ta'ee muuxannoo isaanii wajjin akka walqabsiisan gargaara jettee ibsiti.

Dabalataanis Nuttal (1986) kun hojiiwwan ijoo tarsiimoo dubbisa boodaatti hojjetaman akka armaan gadiitti tarreessiti.

- a) Ilaacha dhuunfaa dubbistoonni dubbisicharratti qaban funaanuu. Fakkeenyaaf, jaalala, jibbaa fi k.k.f
- b) Qabiyyee dubbisichaa muuxannoo fi beekumsa dubbistootaa wajjin wal-qabsiisu.
- c) Walitti dhufeenya dubbisichi waantota biroo waliin qabu addaan baasuu.
- d) Garaagarummaaf walitti dhufeenya dhugaa fi yaada dhuunfaa jidduu jiru hubachuu.
- e) Walitti dhufeenya sababaa fi bu'aa gidduu jiru hubachuu yookiin mari'achuu.
- f) Maddi dubbisichi irraa fudhatame sun ammam barbaachisaa akka ta'e xiinxaluu.
- g) Duraa duuba yeroo gochichi itti raawwatame hubachuu. Fakkeenyaaf adeemsa seenessuu yeroo gara yerootti jiru hubachuu.
- h) Tilmaamni dubbisa duraa fi booda ammam akka walitti dhufu xiinxaluu.

Walumaagalatti tarsiimoleen dubbisuu kanneen sadan kun osoo itti hin yaadamin akka tasaa kan godhaman miti. Fakkeenyaaf yeroo tokko tokko tarsimoo dubbisa booda yookaan duraatti fayyadamuu dhisuu ni dandeenya. Tarsiimoolee kanneen itti fayyadamuun, tokkoffaa barattoonni dandeettii afaanii akka gabifataniif fi kaka'umsa argachuun sochii gaarii akka taasisan isaan gargaara. Lammaffaa tarsiimoolee kanneenitti fayyadamuun dandeetti dubbisuu bu'uura ta'eef walirraa hincinne gabbifachuudhaaf nama gargaara (Williams, 1991).

2.7 Adeemsa Dandeettii Dubbisuu Itti Barsiifamu

Dubbisuu barsiisuu keessatti gahumsi/gaheen barsiisaa olaanaadha. Sababni isaas dubbisuun dandeettiifi hojiin dubbisuu barsiisuu salphaa waan hintaaneef. Barsiisaan kan xiyyeeffannoo itti kennuu qabu barattoonni dubbisa dubbisan hubachuu dandaa'aniiruu? isa jedhu malee dubbisa dubbisanii jiru kan jedhu qofa irratti ta'uu hinqabu. Hojii kanas yeroo geggeessu barsiisaan mala barsiisuu dhaabbataa ta'e tokko qofatti kan gargaaramu osoo hintaane, mala barattoota isaa barsiisuuf mijataa ta'e filatee itti gargaaramuu qaba. Kana ilaalchisuun Taylor (2003:96) irratti yoo ibsu "The modern language teacher does not follow one rigid method, but applies the principle eclecticism approach fitting the method to the learner, not vice versa," jedha. Kanarraa kan hubatamu barsiisaan mala adda adda fayyadamee barattoota isaa barsiisuu akka qabuudha.

Dandeettii dubbisuu barsiisuuf gochaaleen irratti xiyyeeffatamuu qaban jiru. Gochaaleen kunis dubbisa dura, yeroo dubbisuu fi dubbisuun booda jedhamanii bakka sadiitti qoodamu. Duraan dursee barsiisaan tokko barattoota dandeettii dubbisuu barsiisuuf meeshaa /dubbisa/ barattootni dubbisa filachuun haala qabiyyee isaa/ishee wajjiin deemuu danda'uun madaqsuudha (Atkins,1996).

Gochaan dubbisuu shaakala dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisudha. Akkasumas, gochaan kun waan barreeffame bu'uura godhachuun kan dalagamu waan ta'eef barruu sirnaan qindeeffamuu barbaada. Kunis sababni isaa barataan afaanii gargaarsa duubaa yoo hin qabaanne dalagaa tokkotti seenuun baay'ee isa rakkisa. Barattoonni osoo dubbisuu hin dhaqiin dura waa'ee barruu mataduree dubbisanii hanga tokko beekuu qabu. Kanaafuu barruun barataaf dhiyaatu muuxannoo isaaniin kan wal qabate ta'uu akka qabu yaada beektotaa irraa hubachuun nidanda'ama.

Gochaan dubbisuu dandeettii dubbisuu cimsuuf shaakaloota garaa garaa keessa kan darbu yoo ta'u, yaadrimee dubbisuu hanga tokko hubachuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, dandeettii dubbisuu barsiisuun sirna barnoota afaanii keessatti barbaachisaa dha.

Itti aansuudhaanis gaaffilee gilgaala sadarkaalee dubbisuu sadeeniif ta'u qopheeffachuudha. Barsiisaan wayitii daree keessatti barattoota dubbisuu barsiisuuf gara kutaatti seenu dubbisa qopheesse barattootaaf yeroo raabsu maal gochuu akka qaban qajeelfama ifaa kennuun jalqabsiisuun barbaachisadha.

Akka Macmilan (1984) fi John Atkins fi kanneen biroo (1996:80-81) irratti ibsanitti sadarkaa dubbisuu bakka sadiitti qoodee kaa'a. Walummaa galatti, sadarkaalee kanneen sadan keessatti gaheen barsiisaa akka Atkins fi kanneen biroo (1996:80-81) irratti ibsanitti haala armaan gadii kana fakkaatu.

2.7.1. Sadarkaa Dubbisa Duraa (Pre-reading phase)

Sadarkaa kana keessatti mataduree dubbifamu barattootaan walbarsiisuuf qabxiilee armaan gadii kanneen barattoota hubachiisuun yeroo itti fedhii ofii ibsataniifi kaka'umsa itti argatanidha.

- Sababa dubbisaniif itti himuu (Kaayyoo).
- Beekumsa kanaan dura waa'ee mata duree kanaa irratti qaban akka fayyadaman gochuu.
- Waa'ee mataduree dubbisani maal akka ta'uu danda'u tilmaamsisuu.
- Jechoota haaraa kan hubannaa barattootaa irratti gufuu ta'an muraasa lama yookiin sadii barsiisuu.

2.7.2 Wayiita Dubbisuu (while reading phase)

Sadarkaa kanatti gaheen barsiisaa hoogganuufi haala mijeessuudha. Yeroon kun yeroo barattoonni kallattiidhaan dubbisa dubbisuun odeeffannoo dubbisaafi ergaa barreeffamaa itti qayyabatanidha. Yeroo itti hiikni jechoota ciccimoo galumsa irraa tilmaamamu fa'i.

2.7.3 Dubbisa Booda (post reading)

Gulantaa kana jalatti barsiisaan qabxiilee kana raawwachuu qaba.

- Hubannoo barattootaa madaaluu
- Dubbisicha dubbisan muxannoo isaanii waliin akka walqabsiisan gochuu.
- Deebii gaaffiileef kennan irratti barattootni akka waliin mari'atan gochuu.

- Barattootni deebii isaanii akka kutaaf ibsan gochuu.
- Barsiisaan deebii qindaa'eefi ifa ta'e gabateerratti barreessuufi.
- Gilgaala gulantaa kanaaf qophaahe kennuun dalagsiisuudha.

(Atkins fi kanneen biroo, 1996:80-81)

2.8 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoo mataduree kanaan walfakkaatan hojjetamu nimalu. Kana jechuun mata duree kana waliin tokko kan ta'an jechuu miti. Qorannoowwaan hojjetaman keessaa Misgaanuu Dirribaa Arfaasaatiin bara (2018) Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) gamiisaan guuttachuuf Yuunivarsiitii Haramaayaatti, mataduree 'Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo: Godina Jimmaa Aanaa Noonoo Beenjaa Mana Barumsaa Qophaa'ina Algaatti' jedhuudha. Qorannoon kun kaayyoon isaa hubannoof dubbisuu barattoota mana barumsaa qophaa'inaa xiinxalu yemmuu ta'u, daandeettii dubbisuu irratti hojjechun isaa mata duree qorataan kun geggeessuf deemu waliin kan walfakkeessu yeroo ta'u, barataa irratti xiyyeeffachuufi hubannoof dubbisuu kan jedhu irratti ammo mata duree qorataa kana irraa gargar baasa.

Qorannoo biraan Kuulanii Fayyeeraatiin (2010) mataduree 'Xiinxala Ogumma Dubbisanii Hubachuu Barattoota Kutaa 9ffaa Afaan Oromoo Akka Afaan Jalqabaattiifi Akka Afaan Lammaffaatti Baratan: Haala Mana Barumsaa Amboo Sadarkaa 2ffaatti' jedhuun yuunivarsiitii Finfinneetti digirii lammaffaa guuttachuuf (MA) geggeessite ture. Kaayyoon qorannoo ishee barattoota Afaan Oromoo akka afaan jalqabaattiifi lammaffatti baratan dandeettii ogummaa dubbisanii hubachuu isaanii xiinxaluudha. Qorannoo kana waliin kaayyoo isaani irratti gargar yoo ta'an, dandeettii afaanii keessaa dubbisuu irratti xiyyeeffachuun isaanii wal isaan fakkeessa.

Kumsaa (2007) mata duree "Barnoota Kutaa 9ffaa Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti wantoota Dhiibbaa Geessisan" jedhu irratti qorannoo kan geggeessee ture yemmuu ta'u, argannoo isaatiin wantoonni dubbisuu barsiisuu irratti dhiibbaa geessisan jiraachuu ibseera. Dandeettii dubbisuu irratti hojjetamuun qorannoo kana waliin kan walfakkatu yemmuu ta'u, kaayyoo isaaniitiin gargar ta'u.

Qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaatan kanaan dura hojjetaman keessaa inni tokko bara (2012) Abebe Damtew Berie tiin kan gaggeeffame yoo ta'u, matadureen qorannichaa Afaan Engliziitiin Yuunivarsiitii Addis Ababaatti 'Teaching Reading Skills In English As A foreign Language Through Interactive Classroom Teaching versus plasma teaching With Reference To Grade Ten In Addis Addis Ababa' kan jedhu kan 'PhD' guuttachudhaaf hojjetame yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaas ogummaa dubbisuu pilaazimaan barsiisuufi daree keessatti barsiisuu wal dorgomsiiisuu ture. Argannoo isaatinis Pilaazimaan barsiisuunifi daree keessatti dandeettii dubbisuu barsiisuun garaagarummaa akka qabu lafa kaa'eera. Dandeettii dubbisuu irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana waliin yoo walfakkaatu akkaataafi kaayyoo isaatiinimmoo garaagara ta'a.

Qorannoon kanaan kan walfakkaatu kan biraan qorataa Saamu'eel Mogesiin (2011) MA gamiisaan guuttachuuf mataduree qorannoo 'Factors that affect students Reading Comprehension In Two Government High Schools Grade 9 students in focus' jedhuun kan geggeeffamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa wantoota dandeettii dubbisanii hubachuu barattoota kutaa 9ffaa miidhan adda baasuu irratti kan xiyyeeffate ture. Argannoo isaatinis wantoota dubbisanii hubachuu barattoota mana barumsaa mootummaa keessatti baratan kan kutaa 9ffaa akka jiran ibseera. Haaluma kanaan mana barumsaa mootummaa fi kutaa 9ffaa kan baratan akkasumas, dandeettii dubbisuu irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana faana kan walfakkeessuu yemmuu ta'u, mana barumsaa lama qofa ta'uufi dandeettii dubbisanii hubachuu barattoota qofa irratti qorannoon kun adeemsifamuun iaa ammoo qorannoo qorataa kana irraa adda isa godha.

Qorannoon biraan bara (1996) MA ittiin guuttachuuf Geetaachoo Asraat nama jedhamuun kan hojjetame yoo ta'u, matadureen isaas 'The teaching of reading in government high schools in Addis Ababa' kan jedhu ture. Kaayyoon qorannichas mana barumsaa mootummaa magaalaa Finfinnee keessatti argaman tooftaa dubbisuu daree keessatti ittiin barsiifamu barattoota kutaa 11ffaa irratti xiyyeeffachuun ibsuu kan xiinxaluu kan jedhu ture. Argannoo isaatiinis barsiisonno mana barumsaa iddettaaffeme kana keessaa barsiisan tarsiimoo dandeettii dubbisuu guutummaa guutuutti hojiirra oolchaa akka hinjirrefi hojiirra oolchuu dhiisuun tarsiimolee debbisuu kunimmoo barattoota irratti dhiibbaa akka geessise lafa kaa'eera. Walumaagalatti akkataa daree keessatti dubbisuun ittiin dhihaatu kan xiinxalun isaa qorannoo kana waliin kan wal isa

fakkeessu yemmuu ta'u, bakka itti geggeeffameefi daree irratti geggeeffame akkasumas barsiisota irratti geggeeffameen ammoo qorannoo kana waliin gargar isa taasisa.

BOQONNAA SADI : Mala Qorannichaa

3.1 Gosa Qorannichaa

Qorannoon kun Xiinxala hojiirra oolmaa dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa daree barnootaa afaan keessatti jedhu irratti odeeffaannoo gadifageenya qabu funaannachuun xiinxala waan ta'eef wanta gosti qorannoo addeessaa (descriptive-survey) heyyamu hojiirra oolcheera. Kanafuu qorannoon kun gosa qorannoo addeessaati.

3.2 Saxaxa Qorannichaa (Design of the Study)

Qorannoo kana keessatti mala qorannoo makaatu ragaa sassabbachuufi xiinxaluuf dhimma itti bahame. Sababni filannoo mala makaas odeeffannoon kallattii tokkoo qofaan ragaa argamurraa ragaan kallattii lamaan argamu sababa ka'umsa qorannichaa (gaaffii qorannichaaf) deebii argamsiisuu danda'a jedhee qoratichi waan itti amaneefi. Hayyuun Creswell (2009) akka jedhuttis yeroo tokko tokko mala qorannoo gosa tokkoo (akkamtaa yookaan hammamta) qofatti fayyadamanii ragaa sassabbachuuf yaaluun gaaffii qorannichaa deebisuuf gahumsa dhabuu nidanda'a; keessumaa qorannoo gama saayiinsii hawaasaafi namoomaa (humanities and social sciences) keessatti. Kanaaf ragaan qorannoo makaan argamu walbira qabani (cross-validating or corroborating results) odeeffannoo dhugoomsuuf gaarii ta'a jechuun yaada kana dhugoomsa.

Karaa biraatiin Addunyaa (2011:17) bu'a qabeessummaa qorannoo makaa yoo ibsu, "Odeeffannoon kallattii adda addaati mala adda addaatiin funaanamee qaaceffamu ragaaleefi tooftaalee walitti fiduun dhimma cimaa tokko keessaa baasuuf haala mijeessa" jedha. Amala kanaanis qorannoo makaan isa tokkoorra bu'a qabeessa" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu bu'aan adeemsa qorannoo makaarraa argamu mala odeeffannoo akaakuu tokkoo qofatti dhimma bahuurra filatamaa ta'uu isaati.

Kanumarraa ka'uun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan gosa qorannoo akkamtaa fi hammamta fayyadameera. Kanaafuu kaayyoon qorannoo kanaas dandeettii dubbisuu barsiisuun hojiirra oolchuu barsiisotaa daree barnoota Afaan Oromoo gadi fageenyaan xiinxaluu jedhu waan ta'eef qorataan mala kanatti dhimma baheera. Gama biraatiin meshaalee funaansa ragaa keessatti ogummaa dubbisuu barsiisuu barsiisota kanaa adda baasuuf daawwannaa daree geggeessa. Akkasumas, odeeffannoo daawwannaa dareetiin argame caalmaatti qabatamaa

taasisuuf barsiisotaafi barattootaaf bargaaffii dhiheessuun odeeffannoo funaane qaaccessseera. Barsiisota tarsiimoo dandeettii dubbisuu ittiin barsiifamu hojiirra oolchanfi garaagarummaa barsiisota gidduu jiru adda baafachuuf mala qorannoo aammamtaatti, bu'aa mala ammamtaatiin argame ammoo ibsa itti kennuuf mala qorannoo qulqulleeffataatti fayyadameera.

3.3 Madda Ragaa

Maddi ragaa barsiisota Mana Barumsaa sadarkaa 2ffaa Aanaa Begii keessatti argaman: mana barumsaa Begii sadarkaa 2ffaa, Teenzee sadarkaa 2ffaa, Waabara sadarkaa 2ffaafi Kobor sadarkaa 2ffaa Barnoota Afaan Oromoo barsiisanidha. Ragaan isaan irraa argames tarsiimoo dandeettii dubbisuu isaan fayyadamaniifi hojiirra oolchan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon qorannichaa dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisonni hojiirra oolchuu daree barnoota Afaan Oromoo xiinxaluuf waan ta'eef ragaa daawwaannaa barsiisaa daree keessaa argame caalmaatti dhugoomsuuf barattoota akka madda ragaatti fudhateera. Kanaaf madda ragaa tokkoffaa qofatti dhimma baheera.

3.4 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Begii mana barumsaa mootummaa keessaa mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} armaan olitti eeraman; barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irraawwatamtoota qorannoo kanaa ta'anii jiru. Baayyinni barsiisota Afaan Oromoo mana barnootaa kanatti barsiisan akka walii galaatti 15 yoo ta'an qorannoo kanaaf hunda isaaniyyuu irraawwatamtoota qorannichaa ta'anii jiru.

3.5 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun barsiisota manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa (9-10) Afaan Oromoo barsiisaan hojiirra oolchuu tooftaa dandeettii dubbisuu daree barnoota afaanii keessatti kan jedhu xiinxaluuf geggeeffamedha. Haaluma kanaan, Aanaa Begii keessa manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa afurtu jiru. Manneen barnoota kunneen mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Begii, waabaraa, Teenzeefi kobor jedhamu. Manneen barnoota kunis barattoota 1100, daree barnootaa 18fi barsiisota 15 kan qaban yommuu ta'an, manneen barnoota kunneen mala iddatteessuu akkayyootiin kan filatamanidha. Barsiisonni qorannichaa iddatteessuu ammargeetiin filataman. Sababni isaa barsiisonni manneen barnootaa kana keessatti argaman baayyinni isaanii muraasa waan ta'aniif. Kana malees, barsiisonni tokko tokko kutaa 9ffaa kan galan iddoo tokko tokkootti

kutaa 10ffaa galanii waan hinbarsiifneef bakka isaan seenanii barsiisanitti daawwannaa daree geggeessee ragaa irraa funaannachuu waan barbaadeefi. Manni barumsaa filatame mana barumsaa sadarkaa lammaffaa (9ffaafi 10ffaa) Aanaa Begii Keessatti argaman hunda. Sababni qorataan manneen barnootaa kana filateef manneen barnootaa aanaa sana keessatti argaman keessa walbira qabee ilaaluun bakka muuxannoo gaariin jiru bakka biratti akka babal'atuu taasisuufi hundumtuu rakkoo walfakkaataa yoo qabatn ammoo fala itti barbaaduuf.

3.6 Iddattoo daree daawwatamanii

Qorannoo kun daawwannaa dareetiin raga funaannateera. Daawwannaaf dareewwan iddatteessuun barbaachisaa ta'ullee, sababa barsiisonni mana barumsaa tokko tokko keessatti kutaa 9ffaafi 10ffaa walfaana seenanii waan hinbarsiifneef daree 18ttan isaanii mala iddattoo akkayyootiin filatamanii daawwatamanii jiru.

3.7 Iddattoo Barattoota

Barattoota 1100 ta'an irraa ragaa funaannachuun waan hindanda'amneef iddattoo carraa salphaa keessaa bifa lootarii yookaan carraa baasuutiin barattoota 90(dhiira 42fi dubara 48) kan ta'an hirmaachisuun qorannoon kun geggeeffameera.

3.8 Tooftaa Funaansa Ragaalee

Galma gahinsa adeemsa qorannoo tokkoo keessatti ragaa funaanuun heddu murteessaafi barbaachisaa ta'uun beekamadha. Meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bargaaaffii, af-gaaffii, daawwannaa, qomaataafi sakatta'insa barreeffamaafa'i (Cohen, 2007). Haata'u malee qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo ni argamsiisu jedhee filate kanneen armaan gadiitti dhimma baheera.

3.8.1 Daawwannaa

Meeshaan funaansa ragaa kun daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti kan hojiirra ooludha. Kaayyoon isaa kanaas daree barnootaa keessatti barsiisaan yeroo barsiisu gahumsi dandeettii dubbisuu barsiisuu akkam akka ta'ee xiinxaluuf boca mirkaneeffannaa ykn cheeklistii qopheessuudhaan hojiirra oolmaa tarsiimoo dubbisuun ittiin barsiifamu daawwateera. Kana keessatti immoo duraan dursee karaa dura bu'aa mana barumsaa, itti gaafatamaa muummee afaaniifi barsiisota dareen isaanii daawwatame irraa eeyyamni gaafatameera. Itti aansuudhaan

barsiisaan dareen isaa daawwatamu sun wayiitii inni itti dubbisuu qabiyyee barnoota guyyaa isaa keessatti haammachiise adda baafachuun cheeklistii qophaa'e fayyadamuun dareen daawwatameera. Daawwannaa daree barsiisaa tokkoof si'a sadiitu taasifame. Erga daawwannan taasifamee booda barsiisaafi barattoota dareen isaanii daawwatame galateeffatameera. Achiin booda odeeffannoon gama sanaan argame mata duree isaaf ta'u jalatti qaacceeffame dhiyaatera.

3.8.2 Bargaaffii

Qorataan Bargaaffii caaseffamaarratti hudaa'uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan gaaffilee walfakkaatoo duraa duuba walfakkaataadhaan odeef-kennitootaaf dhiyeessuudhaan odeeffannoo guurratera. Sababni bargaaffiin barbaachiseefis yaada daawwannaa dareetiin argamu mirkaneessuufi cimsuuf.

Walumaagalatti meeshaan kun kan namoota dhimmichi ilaallatuuf qorataan kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannateera. Kanaafuu, meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qorataan bargaaffii caaseffamaa, daanga'oofi banaa qopheessuun barsiisotaafi barattoota iddatteeffamanii kutaa 9ffaa fi 10ffaa Afaan Oromoo barsiisaniif barataniif dhiyeessuun odeeffannoo funaannateera.

3.9 Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen iddattoo filataman irraa haala adda addaatiin akka sassaabamu gubbatti ibsameera. Kunis mala daawwannaa cheekliistii irratti hundaa'eefi bargaaffiitti dhimmi bahameera. Odeeffannoon haala kanaan sassaabamu immoo maala qaaccessa ragaalee adda addaatti dhimmi bahamuun qaacceeffameera.

Kana keessatti ragaan daawwannaa dareetiin sassaabame cheklistii qophaa'e keessatti dandeeettii dubbisuu barsiisuu barsiisota Afaan Oromoo barsiisan tooftaaf tarsimoon dubbisuun ittiin barsiifamu jiraachuufi dhiisuu isaa agarsiifameera. Itti aansuun immoo yaanni cheeklistii sana keessatti ka'ame sun hiika maalii akka qabu bifa himaatiin xiinxalliin isaa dhiyaateera. Itti dabaluu immoo yaada cheeklistii sanarraa xiinxalamee hubate sana irratti hundaa'ee immoo qorataan yaada mataa isaan haaluma ibsaatiin qaaccessa keessatti kaa'era. Garaagarummaa barsiisota gidduu hojiirra oolchuu tooftalee dandeeettii dubbisuu bu'ureeffatee jiru ammoo odeeffannoon mirkaneeffannaa irratti hundaa'ee daawwannaa daree irraa funaanamu mala

qaaccessa ragaalee keessaa bifa lakkoofsaafi ibsaatiin qaacceffameera. Kunis gabateedhaan lakkoofsaafi dhibbeentan taa'uun dhihaatera. Ragaaleen bargaaffii barattootaafi barsiisota irraa sassabames bifa mala qaaccessa ragaalee ibsaafi lakkoofsaatiin qaacceffameera.

BOQONNAA AFUR:Dhiyeessaa Qaaccessa Ragaalee

4. Dhiyeessaa Qaaccessa Ragaalee

Kutaa kana keessatti ragaalee kallatii garagaraan qoratichi maddeewwan iddattoodhaan filataman walitti qabatetu itti xiinxalamuun dhihatee jira. Kana keessatti odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka, cheklistii daawwannaa dareefi bargaaaffii barattotaa sassaabaman xiinxalamuun hiikni bakka itti kennamedha. Haaluma kanaan odeeffannoon funaaname kun immoo mata dureewwan addaa addaa jalatti qoodamuun qaaccesi itti kennameera.

4.1 Qaaccessa Beekumsa/Hubannoo Barsiisota Afaan Oromoo Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Irratti Qaban

Barsiisota qorannoon kun irratti geggeeffame dhiira 11fi dubara 4 walummatti baayyinni isaanii kudha shan kan ta'aniidha. Hundumti isaanii barnoota Afaan Oromootiin digirii jalqabaa qabu. Bara tajaajilaa hojii barsiisummaan waggaa 5 hanga 14 gidduu kan hojjetaniidha. Mata duree kana jalatti kan dhiyaate odeeffannoo dhimma beekumsa tooftaa dandeettii dubbisuu ittiin barsiifamuu qabu irratti qaban xiinxaluuf barsiisota dareetti daawwatamaniif dabalataan bargaaaffii taasifamee irraa argamedha. Haaluma kanaan dhimma kana irratti odeeffannoon barsiisota kana irraa sassaabame akka armaan gadii kanatti qaacceeffamee dhiyaateera.

4.1.1 Qaaccessa Beekumsa Akaakuuwwan Dandeettii Dubbisuu Barsiifamuu Qaban Irratti Yaada Barsiisotaa

Ragaa bargaaaffii barsiisonni kennaniin barsiisonni hundumti isaanii akaakuu dubbisuu kan ittiin dandeettiin dubbisuu dareetti ittiin barsiifamuu irratti hubannoo guutuu akka qaban hubachuun danda'ameera. Akaakuuwwan kunneenis dubbisa sakatta'aa, saffisaa dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuufi bal'inaan dubbisuu akka ta'es afgaaaffii gafatamanii deebisan irraa hubachuun danda'ameera.

Ragaan funaaname akka ibsutti barsiisonni hundumtuu beekumsa akaakuuwwan dandeettii dubbisuu dubbisuu barsiifamuu qaban walqabatee hanqina akka hinqabnedha. Mata duree kana ilaalchisee beekumsa gahaa akka qaban hubachuun danda'ameera.

4.1.2 Qaaccessa Beekumsa Tarsiimoolee Dandeettii Dubbisuu Ittiin Barsiifamu Irratti Yaada Barsiisotaa

4.1.2.1 Dubbisa duraa

Afgaaffii barsiisota kanaaf taasifameen barsiisonni hundumtuu (15) tarsiimoon dubbisaa maal akka ta'eefi yeroo kanatti gama barsiisaafi barataan wanta taasifamuu qabu hunda isaa akka beekan bira gahameera.

4.1.2.2 Yeroo dubbisuu

Barsiisota mana barumsaa sadrkaa lammaffaa Aanaa Begii keessatti ramadamani barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jiraniif dandeettii dubbisuu barsiisuu kessatti gahumsi isaanii maal akka fakkaatu xiinxaluun walqabatee mata duree tarsiimoolee dandeeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu keessaa yeroo dubbisuu ilaalchisuun afgaaffii taasifamee irraa hubachuun kan danda'ame hubannoo guutuu akka qaban ta'uu isaati. Gochawwan yeroo dubbisuu kana keessaa gama barataafi barsiisaan raawwatamuu qabanillee akka beekanif baratani akka bahanille dabalataan ragaa sassaabame irraa hubachuun danda'ameera (Dabalee, 'B' gaaffii 4ffaa ilaalaa).

4.1.2.3 Dubbisuun Booda

Gulantaa kanaan hubannoo xiinxaluuf afgaaffiin barsiisota waliin adeemsifameera. Afgaaffiin taasifames barsiisota iddatteeffaman hunda waliin yommuu ta'u, ragaan walitti qabamee qaaceffame irraas hundumtuu gulanticha ilaalchisee hubannoo gahaa akka qabanidha.

Yaada olitti ibsaman irraa kan hubatamu barsiisoonni qorannoon irratti geggeeffame kunneen gahumsi isaanii tooftaa dandeeettiin dubbisuu ittiin barsiifamuun yoo ilaalamu hanqina akka hinqabne ta'uu isaati.

4.2 Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Tarsiimoo Dandeettii Dubbisuun Ittiin Barsiifamuu

Mata duree kana jalatti akkuma olitti kaa'ame xiyyeeffannoon kan kennameef tarsiimoolee dandeeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu bu'uureffachuun barsiisaan dandeeettii dubbisuu barattoota isaa nibarsiisaamoo hinbarsiisuu? Barsiisota kanneen keesaa meeqaan issaniitu tarsiimoolee kana hojiirra oolchaa jira? Maaliifis hojiirra hin oolchu kan jedhu kan itti xiinxalameedha Gabaabumatti, odeeffannoon funaaname kana warri kaan bifa gabateettiin kan

qaacceffaman yemmuu ta'an, odeeffannoon gabateedhaan qaaccessuuf hinmiihofne kanneen akka daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaatin argaman immoo bifa himaatiin addeeffamuun hiikni kan itti kennameefi qaaccessi kan taasifamedha. Xiinxalli isaas akka armaan gadii kanatti dhiyaateera.

4.2.1 Dubbisa Duraa

Tooftaa dandeettii dubbisuu daree barnoota afaanii keessatti barsiisota Afaan Oromoo iddatteeffamanii xiinxaluuf daawwannaa daree barsiisaa/stuu tokkoof marsaa sadiif geggeeffameera. Akka ragaa dawwannaa dareerra argame ibsutti, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii dubbisuu yemmuu barsiisan tarsiimoo dubbisa dura keessatti gahee isaan irraa eegamu sirnaan kan bahan utuu hintaane muraasa qofa bahatanii jiru. Barsiisota kudha shanan dawwaannaan daree taasifameef hundi isaanituu wanti isaan taasisan: kallattumaan barattoonni dubbisa akka dubbisan taasisuu ture. Barattoota keessatti kaka'umsa uumuu, mata duree dubbisichaa beekumsa isaanii duraan akka walqabsiisanu gochuufi, waa'ee mata durichaa barattoota tilmaamsisuu, kaayyoo dubbisichaa hubachiisuu, beekumsa barattootaa dadammaksuu raawwachuu dhiisuun hojiiwwan barsiisonni kunneen tarsiimoo dubbisa duraa keessatti osoo hinraawwatin hafanidha.

Dhimmi biraan daawwannaa daree taasifame cinatti ragaa argame caalmaatti qabatamaa taasisuuf bargaaaffii barattoota geggeeffamee irraa kan hubatame barsiisonni baayyeen isaanii dandeettii dubbisuuf xiyyeeffannaa kan hinkennine ta'uu isaati. Dandeettii kana barreeffamoota garaagaraa dubbisuun gabbifachuu nidandeessuu jechuun dubbisa kitaaba barataa irraatti dandeettii kana akka barattoonni gabbifataniif dhihaatellee irra darbuun gara seerguga afaanichaa barsiisuutti kan luucca'an ta'u hubachuun danda'ameera. Tarsiimoo dubbisa duraa kana irrattis hanqinni gama barsiisotaan akka mul'atu xiinxaluun da'ameera. Gama kanaan yaanni hubatamuun dandaa'ame dandeettii kana yommuu barsiisan barsiisaan/tuun darbee darbee akkasumas, bakka tokko tokkotti barattoonni yeroo tarsiimoo kana keessatti wantoota dalagaman waa'ee maalii akka dubbisuuf deeman tilmaamuu, beekumsa isaanii duraanii hanga tokko mata durichaan walitti fiduuf akka carraaqan taasisuu isaaniiti. Dalagaan barattoonni akka raawwataniif barsiisaan dalagsiisuuf qabu garuu hinraawwatin hafan immoo iddoo tokko tokkotti immoo dubbisni isaan dubbisuuf deemanu waa'ee maalii akka ta'e osoo hintilmaamin darbuufi kaayyoon dubbisa isaan dubbisuuf deemanii maal akka ta'e adda baafachuu dhiisuun waantota

barattoonni gulantaa dubbisa duraa keessatti osoo hojjechuu qabanuu dhiisanidha. Barattoonni kaayyoo dubbisa dubbisanuu yoo beekan kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf xiyyeeffannoon akka dubbisanuuf isaan gargaara. Yaanni odeeffannoo daawwannaa daree irraa argames yaada kana kan deeggarudha

Walumaagalatti odeeffannoo daawwannaa dareefi bargaaffii argame armaan olii kana irraa kan hubatamu irraatti beekumsa gahaa waa'ee tarsiismolee dubbisni duraa ittiin barsiifamu haqabaatan malee yeroo daree keessatti daawwataman gochaalee tarsiimoo dubbisa duraa keessa jiranu raawwachuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti. Kun immoo hojiirra oolmaan tarsiimoolee dubbisuun ittiin barsiifamu barsiisota biratti guutuu akka hintaane agarsiisa. Sababa kana irraan kan ka'e barsiisota Afaan Oromoo barsiisanii beekumsa isaanii hojiitti jijjiiruu irratti gadi bu'aa akka ta'eefi tarsiimoo kana fayyadamuun barsiisuu dhiisuunis bu'aa gama dandeettii kanaan barattoonni argachuu qaban akka hir'isuu danda'u xiinxalameera jechuudha.

Gabatee 1. Tarsiimoo dubbisa duraa barsiisaan hojiirra olchuu ilaachisee yaada barattootaa

Lakk.	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
Gaaffii			
3.1		Lakk.	%
	A. Eeyyee:		27
	a. darbee darbee	25	
	b. yeroo hundumaa	17	20
	B. Lakkii/ Gonkuma	48	53
	Idaa'ama	90	100

Gabatee armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu hirmaattota ragaa kennan keessaa 25 (27%) akka jedhanitti, barsiisonni isaanii tarsiimoo dubbisa duraa kan hojiirra oolchan ta'ee garuu yeroo tokko tokko qofa akka ta'edha. Barattoonni 17 (20%) ta'an immoo tarsiimoo dubbisa duraa yeroo hundumaa hojiirra oolchaa akka jiru yaada isaaniirraa hubachuun danda'ameera. Barattoota afgaaffii kana irratti odeeffannoo kennan keessaa 48 (53%) akka jedhanitti gulantaa dubbisa duraa kana barsiisaan dandeettii dubbisuu wayita barsiisuu gonkumaa hojiirra oolchaa akka hinjiirre yaada isaan kennan irraa hubachuun

danda'ameera.

Yaada armaan olii kana irraa kan hubachuun danda'amu, barsiisonni tarsiimoo dubbisa duraatti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu yoo yaalan iyyuu darbee darbee waan ta'eef hanqina guddaa akka qabanudha. Tooftaa dandeettii dubbisuu ittiin barsiisan keessaa tokko kan ta'eefi dandeettii dubbisuu barattootaa akka gabbatu kan taasisu dubbisa duraa hojiirra oolchuun dirqama barsiisaa afaan barsiisu tokko akka ta'e dagatamuu isaa hubachuun nidanada'ama.

Walumaagalatti qabxii armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu tarsiimoowwan dubbisuun daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamuu qabu hojiirra oolchuu irratti hanqinni akka jirudha. Tarsiimoowwan kana keessatti dalagaaleen karoorfamanii dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuuf gargaaran kan barattoonni akka raawwatan isaan irraa eegamu taasisaa kan hinjirre tahuu nama hubachiisa.

4.2.2 Yeroo Dubbisuu

Barsiisota Afaan Oromoo barsiisanii mana barumsaa iddatteeffaman keessatti argamanii gama gulantaa/tarsiismoo yeroo dubbisuutinis daawwaannaan daree taasifamee ilaalameera. Kallattii kanaanis, gulantaa yeroo dubbisuu keessatti barsiisaan hojiiwwan irraa eegamuufi hojjechuun qabutu jira. Haata'u malee ragaa daawwannaa daree geggeeffame irraa kan hubatame, barsiisonni baayyeen isaanii yeroo barattoota kana barsiisan gochawwan tarsiimoo kana keessatti raawwatamuu qaban utuu hinraawwatin hafuu isaanii bira gahameera. Gulantaa kana keessatti kanatti gaheen barsiisaa hoogganuufi haala mijeessuudha. Kana malees, yeroon kun yeroo barattoonni kallattiidhaan dubbisa dubbisuun odeeffannoo dubbisaafi ergaa barreeffamaa itti qayyabatanidha. Dabalataanis, yeroo itti hiikni jechoota ciccimoo galumsa irraa tilmaamamu fa'i. Barsiisan dandeettii dubbisuu barsiisu tokkos wantoota armaan olitti eeraman kana barattoonni akka taasisan gochuun dirqama. Haata'umalee, dalagaawwan sadarkaa kanatti dalagamaniin barsiisota kunneen yemmuu xiinxalaman barsiisota daawwaannaan daree geggeeffameef keessaa barsiisonni 10(66.6%) ta'an tarsiimoo kana hojiirra oolchaa akka hinjirre hubachuun danda'ameera. Barsiisonni baayyinni isaanii 5(33.4%) tarsiismoo kana hojiirra oolchaa akka jiran qaaccessuun danda'ameera.

Bargaaffii barattootaa irraa walitti qabamee kanarraa ammas kan hubatamu gochaawwan yeroo

dubbisuun barsiifamu gulantaa yeroo dubbisuu keessatti barsiisaan waantoota barattoonni raawwachuu qaba gochaaleen kanneen akka raawwatanuuf isaan irraa eegamu gaaffilee dubbisa dura mirkaneeffachisuu, dubbisa adda kuchisisuun gaaffiilee gaafataman deebisuu, hiika jechoota haaraa tilmaamaa dubbisuufi ergaa dubbisichaa argachaa akka deeman taasisaa adeemuu irratti xiyyeeffanna kennanii hojjetaa akka hinjiredha.

Walumaagalatti odeeffannoo daawwannaa dareefi Bargaaffii barattootaa kana irraa kan hubatame gahee barsiisaafi barataan gulantaa yeroo dubbisuu keessatti qabanudha. Kana keessatti kan hubatame barsiisonni yeroo kanatti hojiiwwan isaan irraa eegamanu raawwachaa akka hinjirredha.

Gabatee 2. Gulantaa yeroo dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa ilaalchisuun yaada barattootaa

Lakk. Gaaffii	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
		Lakk.	6.1
3.2	A. Eeyyee:		31.1
	a. darbee darbee	28	
	b. yeroo hundumaa	15	16.6
	B. Lakkii/ Gonkuma	47	52.3
	Idaa'ama	90	100

Akka yaada gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'ametti, barattoota odeeffannoo kennan keessaa 28(31.1%) akka jedhanitti, gulantaa yeroo dubbisuu barsiisonni kan hojiirra oolchan yeroo tokko tokko qofa akka ta'edha. Hirmaattota odeeffannoo kennan keessaa 15(16.6%) akka jedhanitti, tarsiimoo kana yeroo dubbisuu barsiisan barsiisonni yeroo hunduma hojiirra oolchaa akka jiran ibsanii jiru. Isaan keessaa ammoo barattoonni 47(52.3%) ta'an ammoo gonkumaa hojiirra oolchaa akka hinjirredha.

Odeeffannoo barattoota irraa argame armaan olii kana irraa kan hubatame, barsiisonni dandeettii dubbisuu yeroo barsiisan tarsiimoo yeroo dubbisuu hojjechuu irratti hedduu hanqina qabaachuu

isaaniiti. Dalagaaleen yeroo dubbisuu adeemsa barattoonni erga dubbisa dubbisanii tokko akka hubatanuuf itti dhimma bahuun barbaachisu ta'ee osoo jiruu gama barsiisotaatiin gochaalee yeroo kana raawwataman raawwatamaa akka hinjirreefi barattoonnillee akka raawwatan taasisaa akka hinjirredha. Kun immoo kan nama hubachiisu, tarsiimolee dubbisuun ittiin barsiifamu keessaa hojiirra oolmaan yeroo dubbisuu barsiisota biratti mul'achaa akka hinjirreefi gahumsi isaan kallattii kanaan agarsiisan gadi bu'aa ta'u hubachuun danda'ameera. Odeeffannoon daawwannaa dareetiin argames yaaduma armaan olii kana deeggara .

4.2.3 Dubbisa Booda

Tarsiimoo kana jalatti kan dhiyaate, gahee barsiisonni dandeettii dubbisuu yommuu barsiisan bahachuu qabaniifi barattoonnis akka bahatan taasisuun walqabatee wantoota daawwaannaan argamantu dhigate jira. Gulantaa kana jalatti barsiisaan qabxiilee kana raawwachuu qaba: Hubannoo barattootaa madaaluu, dubbisicha dubbisan muxannoo isaanii waliin akka walqabsiisan gochuu, deebii gaaffileef kennan irratti barattootni akka waliin mari'atan gochuu, barattootni deebii isaanii akka kutaaf ibsan gochuu, barsiisaan deebii qindaa'eefi ifa ta'e gabateerratti barreessuufi gilgaala gulantaa kanaaf qophaahe kennuun dalagsiisuudha. Daawwannaa daree kana irraa kan hubatame barsiisonni baayyinni isaanii 14(93.3%) ta'an hojiin isaan raawwatan gaaffilee dubbisa boodaa keessaa muraasa ofii hojjetaniifi muraasa barattoota hojjechiisuu isaaniiti. Kanarraa kan hafee gochaan isaan osoo hinhojjetin darban immoo jiru. Isaanis carraa mari'achuu barattootaaf kennuu dhiisuufi yaada cuunfaa kennuufii hafuun hojii daree barnootaa daawwatame sana keessatti dubbisa booda osoo raawwatamuu qabanuu garuu utuu hinraawwatin hafanidha. Barsiisaa 1(6.7%) qofatu tarsiimoo dubbisa boodaa hojiirra oolche.

Yaanni biraan bargaaiffii barattootaa irraa argame gahee barsiisonni tarsiimoo dubbisa boodaa keessatti raawwachuu qabaniifi gahee isaanirraa eegamu akka hinbahannedha.

Walumaagalatti daawwannaa dareetiin odeeffannoon argame kan nama hubachiisu, barsiisota biratti gahee isaanii bahachuun lafaa ta'ee mula'achuu isaati. Kana jechuunis gochaalee gulantaalee sadeenitti qoodamanii hubannoof dubbisuu barattootaa cimsuuf qophaa'nii jiranu hojiirra oolchuu irratti hanqinni guddaan akka jiru hubatameera. Kun immoo beekumsa gulantaa kanaa qabachuu qofti bu'a akka hintaaneefi dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiitti hiikuu barsiisota afaanii sanaa gadi aanaa akka ta'e kan mul'isuufi ittiyaadamuu akka qabu hubachuun

nidanda'ama.

Gabatee 3. Gulantaa dubbisa boodaa hojiirra oolchuu ilaalchisuun yaada barattootaa

Lakk. Gaaffii	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
3.3	A. Eeyyee:		32.23
	a. darbee darbee	29	
	b. yeroo hundumaa	21	23.33
	B. Lakkii/ Gonkuma	40	44.44
	Idaa'ama	90	100

Yaada gabatee armaan olii kana irraa akka hubatamutti, barattoota ragaa kennan keessaa 29 (32.23%) akka jedhanitti tarsiimoo dubbisa boodaa kan hojiirra oolchan yeroo tokko tokko akka ta'edha. Barattoonni 21(23.33%) immoo yaanni isaan kennan kan agarsiisu, tarsiimoo dubbisa boodaa yeroo hundumaa barsiisaa barsiisonnii kunneen hojiirra oolchaa akka jiranidha. Odeeffannoo kennitoota keessaa barattoonni 40(44.44%) kan jedhan tarsiimoo dubbisa boodaa gonkumaa itti fayyadamani barsiisaa akka hinjirre ibsani jiru.

Ragaa armaan olii kana irraa kan hubatamu, barsiisonni tarsiimoo dubbisa boodaa kan dandeettii dubbisuu barsiisuuf ka'amefi barattoonni haala kanaan yoo baratan dandeettii isaanii akka ittiin cimsatanuuf qopha'eef sirnaan itti fayyadamaa yookaan hojiirra oolchaa yookaan barsiisaa akka hinjirre ta'uu isaaniiti. Tarsiimoo dubbisuun daree keessatti ittiin barsiifamu keessaa tokko dubbisa boodaati. Garuu, odeeffannoon armaan olii kan nama hubachiisu barsiisonni tarsiimoo kana hojiirra oolchuu irratti hanqina akka qabanidha. Odeeffannoon daawwannaa dareetiin argames barsiisonni gochaalee gulantaa dubbisa boodaa hunda raawwachuu ilaalchisee hanqinni jiraachuu agarsiisa. Kana malees, barsiisota qorannoo irratti geggeeffame kun gama hojiirra olmaa kutaa keessatiin hanqinni mulate kun immoo barattoota irratti hanqina dandeettii dubbisuu akka isaan mudatu taasisuu isaa bira gahuun danda'ameera.

Walumaagalatti, hubannoo tooftaa dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamuufi adeemsawwan isaa irratti hubannoo gahaa yoo qabataaniyyuu barsiisota kana biratti hanqinni beekumsa qaban baasanii daree keessatti hojiirra oolchuu rakkoo guddaa ta'ee mul'ateera. Kun immoo adeemsa

keessa barattoonni dandeettii kanaan gadi bu'oo akka ta'an taasisuu keessatti gahee guddaa qaba. Dandeettii kanaan gadi bu'oo ta'uun isaani immoo barnoota biroonillee milkaa'ina akka hingonfannee isaan taasisa. Barnoota barachuufis fedhii akka hinhorannee taasisuus nidanda'a. Sababa kanaaf, gama kanaan xiyyeeffannoon kennamee hojiirra oolmaa tooftaalee dandeettii dubbisuu barsiisota daree barnoota afaanii kanaan walqabatee maal irra akka jiran yeroo yeroon ilaalaa adeemuuf rakkoon kun akka hafu haala mijeessuu akka barbaachisuu hubachuun nidanda'ama.

4.3 Qaaccessa Hojiirra Oolmaa Maloota Dubbisuu

4.3.1 Qaaccessa hojiirra oolmaa mala Sakatta'aan dubbisuu

Barsiisota Afaan Oromoo dandeettii dubbisuu yommuu barsiisan mala sakatta'aan dubbisuutiin dandeettii dubbisuu nibarsiisu? gaaffii jedhu xiinxaluuf daawwannaa daree barsiisotaafi bargaaftiin barattootaaf geggeeffameera. Haaluma kanaan, barsiisota daawwannaan daree taasifameef baayyeen isaanii mala/akaakuu dubbisuu kana itti fayyadamanii barattoota barsiisaa akka hinjirre hubachuun danda'ameera. Barsiisonni mala kanaan hojiirra oolchuuf yaalan birattis wantoonni taasifaman maalummaafi faayidaa isaa barattoota barsiisuu irraa kan hafe mala kanatti fayyadamanii dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan barattoota wanti isaan dalagsiisan baayyinaan hinmul'atu. Gabaabumatti barsiisota daawwannaan daree taasifameef keessaa 12(80%) kan ta'an maalummaa isaafi faayidaa mala kan barsiisaniifi gochawwan mala barsiisuun walqabatee barattoonni hojjechuu qaban kan hojiirra hinoolchine ta'uu hubachuun danda'ameera. Barsiisoonni baayyinni isaanii 3(20%) ta'an ammoo maalummaa isaa barsiisuu irraa eegalanii gochawwan dandeettii dubbisuuf barsiisuu mala kana keessatti gargaaran hunda isaa kan hojiirra oolchan ta'uu hubachuun danda'ameera.

Daawwannaa daree barsiisotaaf geggeeffameen alatti barattootaaf bargaaftii hojiirra oolmaa mala kana ilaalchisuun ragaa sassaabameenis barsiisota bira hanqinni gamaa kanaan jiraachuu ibsanii jiru.

Gabatee 4. Mala sakatta’aan dubbisuu barsiisuu barsiisotaa ilaalchisuun yaada barattootaa

Lakk. Gaaffii	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
		Lakk.	%
1.1	A. Eeyyee:		
	a. Darbee darbee	33	36.67
	b. yeroo hundumaa	21	23.4
	B. Lakkii/ Gonkuma	36	40
	Idaa’ama	90	100

Yaada gabatee armaan olii kana irraa akka hubatamutti, barattoota ragaa kennan keessaa 33(36.67%) akka jedhanitti mala sakatta’an dubbisu barsiisuu barsiisotaan walqabatee barsiisonni darbanii darbanii hojiirra oolchuu isaaniiti. Barattoonni 21(23.4%) immoo yaanni isaan kennan kan agarsiisu, mala kana yeroo hundumaa barsiisonnii kunneen hojiirra oolchaa akka jiranidha. Odeeffannoo kennitoota keessaa barattoonni 36(40%) kan ta’an barsiisonni gonkumaa itti fayyadamani barsiisaa akka hinjirre ibsani jiru.

Yaada armaan olitti ka’e kanarraa hubachuun kan danda’amu barsiisonni harki caalaan isaanii mala kanatti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisaa akka hinjirreedha. Kuni immoo dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti gahumsi barsiisota Afaan Oromoo hanqina guddaa akka qaban hubachuun nidanda’ama. Hanqinni gahumsa kanas dhiibbaa barattoonni dandeettii dubbisuu gahaa ta’e akka hinqabaanne taasisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu hubachuun nidanda’ama.

4.2.2 Saffisaan dubbisuu

Mata duree kana ilaalchisuu daawwannaa daree geggeeffameen barsiisonni akkuma tarsiimolee dubbisuu olitti ilaalle hojiirra oolchaa akka hinjirre bira gahuun danda’ameera. Tarsiimoon dubbisuu kun barreeffama dhiyaaterra argaa barbaadamu argachuuf yookiin hima ijoo

keeyyatichaa barbaadani argachuuf daddafanii ijaan irra fiigani dubbisuuf kan tajaajiluudha.

Mala kana jalatti barsiionni baayyeen hiika isaa barattoota barsiisuu irra kan hafe barattoonni si'oominaan akka dubbisuu shaakalan hintaasisne. Hata'u malee barsiisonni muraasni mala kana hojiirra oolchuu yaalanii jiru. Kanas dhibbeentaan yoo kaa'amu barsiisonni baayyinni isaanii 10(66.6) ta'an kan hojiirra hin oolchine yeroo ta'an, kanneen hafan 5(33.4) ammo hojiirra oolchuuf carraaqanii jiru.

Bargaaffiin barattootaaf taasifamee irraa hubatamuun kan dada'ames barsiisonni baayyeen isaanii maalummaa mala kanaa barsiisuutti kan xiyyeeffataniifi qabatamaan barattoonni akka shaakalan taasisuu irratti hanqina qabaachuu isaanii hubachuun danda'ameera.

Gabatee 5. Mala saffisaan dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa ilaalchisuun yaada barattootaa

Lakk. Gaaffii	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
		Lakk.	%
1.2	A. Eeyyee: a. darbee darbee	30	33.33
	b. yeroo hundumaa	21	23.33
	B. Lakkii/ Gonkuma	39	43.34
	Idaa'ama	90	100

Gabatee kanarraa wanti hubatamu barattoota yaada kennaan keessaa 30(33.33%) kan ta'an dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti barsiisonni mala saffisaan dubbisuu walitti fufiinsaan utuu hintaane altokko altokko hojiirra akka oolchanidha. Kanneen yaada kennan keessaa harki 21(23.33%) ammo yeroo hundaa barsiisoonni tokko tokkoo mala kanaan dandeettii kana barattoota akka barsiisan ibsaniiru. Barattootuma kana keessaa ammoo baayyinni isaanii 39(43.34%) kan ta'an barsiisonni isaanii dandeettii dubbisuu keessatti mala saffisaan dubbisuu kan jedhu guutummaan guutuutti hojiirra akka hin oolchine ibsanii jiru.

Walumaagalatti, yaadolee gama lameeniin argaman yommuu qaaceffamu barsiisonni Afaan

Oromoo barsiisan beekumsa gahaa yoo qabataanillee dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti mala saffisaan dubbisuu harka caaluu hojiitti hiika akka hinjirredha.

4.2.3. Gadi fageenyaan dubbisuu

Maloota dandeettii dubbisuu ittiin barsiifamu keessaa tokko kan ta'e gadifageenyaan dubbisa tokko akka dubbisan barattoota taasisuun isa tokko. Gama mala kanaatiinis gahumsa barsiisota Afaan oromoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa iddatteeffaman kanaa maal akka fakkaatu xiinxaluun danda'ameera. Yaada kana xiinxaluuf daawwannaa daree barsiisota dandeettii kana yemmuu barsiisaniif taasifameen saffisaan barattooni akka dubbisaniif dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifataniif wantoonni barsiisonni taasisan guutuu akka hintaane bira gahameera. Gadi fageenyaan dubbisuun dandeettii odeeffannoo dubbisa keessa jiru gadifageenyaan qayyabachuun ergaasaa suuta jedhanii xiinxalanii dandeettii isaanii barattooni akka gabbifataniif gargaara. Haata'u malee, barsiisonni mala kanaan barsiisan kudha shanan daawwataman keessaa 7(46.66) yommuu ta'an, barsiisonni 8(53.34) mala kanatti kan fayyadaman akka hintaane hubachuun danda'ameera. Mala kana ilaalchisuun barattoota waliin bargaaffii taasifamerra wanti hubatames barsiisonni baayyeen isaanii manatti dubbisaa jechuun dubbisa dandeettii dubbisuu keenya akka cimsannuuf kitaaba barataa irratti nuf dhihaatelle bifa kanaan barachaa akka hinjirreefi barsiisaan hojiirra oolchaa akka hinjirre irraa hubachuun danda'ameera.

Gabatee 6. Mala saffisaan dubbisuu hojiirra oolchuu barsiisotaa ilaalchisuun yaada barattootaa

Lakk.Gaaffii	Filannoowwan	Barattoota ragaa kennan	
		Lakk.	%
1.3	A. Eeyyee:		
	a. darbee darbee	31	34
	b. yeroo hundumaa	19	22
	B. Lakkii/ Gonkuma	40	44
	Idaa'ama	90	100

Gabatee kanarraa hubachuun kan dandaa'amu barattoota ragaa kennaan keessaa 34(34%) kan

ta'an barsiisonni mala saffisaan dubbisuu kana darbanii darbanii akka hojiirra oolchaniidha. Barattoonni 19(22%) ta'an ammoo barsiisonni isaanii yeroo hundumaa akka hojiirra oolchaniidha. Harki caalaan isaanii jechuunis 40(44%) garuu barsiisonni isaanii xiyyeeffannaa itti kennanii mala kana gargaaramuun barattoota barsiisaa akka hinjirre hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti, ragaan kallattii daawwannaa daree barsiisotaa, bargaaffii barsiisotaafi barattootaa irraa walitti guuramee irraa yaadni argame barsiisonni dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti beekumsa akka qabaniifi garuu hojiirra oalmaa daree keessaatiin walqabatee gahumsi isaanii gadi aanaa ta'uu isaa hubachuun danda'ameera.

BOQONNAA SHAN

5. Cuunfaa, Argannoofi Yaada Guduunfaa

5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun kan adeemsifame naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Begii Manneen Barnootaa sadarkaa lammaffaa (9-10) ta'ee, mata duree 'Xiinxala hojiirra oolmaa tarsiimoo dandeettii dubbisuu Barsiisuu Barsiisota daree barnoota afaanii keessatti' jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo kana keessatti wixineen qorannoo makaa hojiirra ooleera. Raga qorannoo kanaaf barbaachisan funaannachuuf meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka bargaaiffiifi daawwannaa daree tajaajilaniiru. Maddoonni raga qorannoo kanaa madda raga tokkoffaa yoo ta'u, kunis barsiisotafi barattoota mana barumsaa sanatti barnoota Afaan Oromoo barsiisanidha. Ragaaleen sassaabaman immoo mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi ibsaan kan qaaceffamanidha. Ragaan qaaceffame kan nama agarsiisu hubannoo dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu yoo qabaataniyyuu tarsiimoo dubbisuun ittiin barsiifamuun hojiirra oolchuun walqabate akkaataa barbaachisaa ta'een hojiirra oolaa akka hinjirredha. Xiyyeeffannoon barsiisonni dandeettii dubbisuu barsiisuuf kennaa jiran laafaa akka ta'eefi barattoonni muuxannoo dubbisuu bal'aa akka hinqabne hubatameera. Kanarraa kan ka'e dandeettiin dubbisuu barattootaa baay'ee laafaadha Dhumarratti argannoo qorannicharraa argamerratti hundaa'uun yaadoleen furmaataa kennamaniiru.

5.2 Argannoowwan Qorannichaa

Argannoowwan qorannoo kanaan argaman akka armaan gadii kanatti bifa himaatiin dhiyaataniiru.

Barsiisota qorannoo irratti geggeeffame tooftaafi tarsiimoo dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu ilaalchisee beekumsa gahaa akka qaban argannoowwan argaman keessaa isa tokko. Barsiisonni kan Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaa isaaniitti dubbatan, sadarkaa barnootaan digirii jalqabaa itti qabaniifi gama hojii barsiisummaatiinis tajaajila waggaa shanii ol kan itti qabaniidha. Kanaafuu, sadarkaa barnootaan, muuxannoo hojiifi leenjii barsiisummaa gahaa fudhatanii bahuu irraan kan kan ka'e hanqina beekumsaa yookaan hubannoo akka hinqabne hubachuun danda'ameera.

Gama biraatiin, tooftaa/mala dandeettii dubbisuu barsiisuu daree keessatti hojiirra oolchuurratti barsiisota Afaan Oromoo hanqina akka qaban hubachuun danda'ameera. Barsiisonni qorannoon irratti geggeeffame kunneen Afaanichi afaan jalqabaa isaanii ta'uu, sadarkaa barnootaan digirii jalqabaa afaanichaan fudhachuufi akkasumas, muuxannoo hojii yeroo dheeraa haqabataniyyuu malee haala hojirra oolmaa dandeettii dubbisuu barsiisuu kanaan ilaalamanii ragaan argame hanqina guddaa akka qaban yookaan akka agarsiisan hubachuun danda'ameera. Kun immoo kan agarsiisu hubannoo qofa qabaatanii hojiittii jijjiiruu yoo hin argisiisne beekumsi qaban bu'aa tokkollee akka hinqabne kan agarsiisudha.

Xiyyeeffannaan barsiisotaa dandeettii dubbisuu irratti akka hintaaneefi maalummaa isaa qofa barsiisuun irra darbanii barattoota seerluga afaanichaa barsiisuu irratti xiyyeeffannoo guddaa akka kennanii jiran hubachuun danda'ameera. Dubbisuun barattoonni ofii isaaniiti manatti akka shakalan dareetti ammoo seerluga akka baratan gochuun isaanii hubachuun danda'ameera. Gabaabumatti, dandeettiin dubbisuu akka gadi aanaa ta'eefi salphaatti barattoonni bira gahuu akka danda'anitti yaaduun barattoota irratti dhiibbaa cimaa akka fidaa hinjirreetti tilmaamuu isaanii hubachuun danda'ameera.

Sababa barsiisonni dandeettii dubbisuu sirnaan barsiisuu dhiisuun walqabatee yeroo daawwannaafi bargaaffii ragaa walitti qabameerra kan argame dandeettiin dubbisuu barattootaa gadi bu'aa ta'uu. Fedhii isaan waa dubbisuuf qaban baayyee gadi aanaa ta'uu. Dandeettii dubbisuu salphaafi seerlugni ammo baayyee cimaaf dandeettiwwan jiran keessaa baayyee barbaachisadha jedhanii of amansiisuun isa tokko ta'u hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti, barsiisonni tarsiimoleefi gochaalee dandeettii dubbisuu ittiin barsiisan haala guutuu ta'een hojiirraa oolchaa akka hinjirreefi barattoonni sirnaan dandeettii kana barachaa akka hinjirreedha. Kun immoo barattoota irratti dhiibbaa cimaa akka fidu hubachuun danda'ameera. Gabaabumatti, dhimmoonni armaan olitti ibsaman kunniin argannoowwan bu'aa qorannoo kanaarraa argaman ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

5.3 Yaada Furmaataa

Kaayyoon qo'annoo kanaa inni guddaan gahumsa dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisota Afaan Oromoo xiinxaluudha. Qoratichis, argannoo isaa irratti hundaa'uun wantoota furmaata jedhee yaadu akka armaan gadiitti dhiyeessee jira.

1. Barsiisonni dandeettii dubbisuu yommuu barsiisan tooftaalee dandeettiin dubbisuu ittiin barsiifamu maalummaa isaa qofa barattoota barsiisuu osoo hintaane gochaan agarsiisanii dandeettiin dubbisuu isaanii akka gabbatu waan taasisuuf haala gaariin barsiisuun furmaata ta'a.
2. Tooftaalee adda addaa akka barbaachisummaa isaaniitti gargaaramuun dandeettii dubbisuu barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun osoo barsiisanii furmaata ta'a.
3. Barsiisoonnis ta'ee barattoonni rakkolee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gama ogummaa dubbisuutiin uumamu furuuf carraaqii waliirraa hincinne osoo godhanii gaarii ta'a.
4. Dalagaalee baratoonni gulantaalee dubbisuu sadeen keessatti dalagan xiyyeeffatamuu fi haala gaariin barsiisonni osoo hojiitti hiikanii gaarii ta'a.
5. Sagantaan barnoota Afaan Oromootiif ramadamu osoo dabalamee barsiisonni dandeettii kanaaf xiyyeeffannoo kennanii gahumsaan utuu barsiisanii dandeettiin barattootaa kallattii barattonni dandeettii dubbisuu isaanii cimuu ni danda'a.
6. Dandeettii dubbisuu salphisanii ilaalu dhiisuu; dandeettiwwan afaanii kaan waliin akka walqixa ta'etti ilaaluufi barattoota keessatti yaada akkasii akka uumamu taasisuun gaarii ta'a. seerluga qofa irratti barsiisonni xiyyeeffachuu barattoota keessatti fedhii dubbisuu isaanii gadi buusuu dhiisuun gaarii ta'a.

Akka qorannoo kana irraa hubatamuutti barsiisonni baay'een gahumsa isaanii haala barataniin bahaniifi dirqama isaanirraa eegamuu bahuun laafaa waan ta'eef kana irratti hojjechuun barbaachisaadha. Kanaafuu, barsiisonni dandeettii kana yemmuu barsiisan tarsiimoo adda addaa fayyadamuun fedhii fedhiin dandeettii dubbisuu barachuuf barattootaa akka dabaluu gochuun barbaachisaadha.

Barsiisonni daree keessatti yeroo dubbisuu barsiisan osoo gochaalee hubannoof dubbisuu barattootaa cimsuuf kitaaba barattootaa irra ka'aman barattoonni akka hojjetanuuf gargaaree gaariidha. Akkuma waliigalaattuu barsiisotaafi barattoota biratti qabiyyeen dubbisuu kitaaba barattootaa irra jiru qixuma dandeettiwwan afaanii biroo osoo xiyyeeffannoo argatee dandeettii

dubbisuu barattootaa fooyyeessuu kessatti gahee guddaa qaba. Kana malees, rakkoolee armaan olitti ibsamaniif furmaanni walmadaalan yoo kenname hanqinni gahumsa dandeettii dubbisuu barattoota biratti mul'atu hafuu nidanda'a.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaad-rimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- Allright and M. Bally (1991). *Focus on the Language Classroom*. Cambridge University Press
- As Horn by (2002). *Oxford Ditionary of Current English*. London Oxford University press
- Atkins, J. et, al (1995). *Skill Development Methodology (part-1)*. Addis Ababa University press.
- _____, (1996). *Skill Development Methodology (part-2)*. Addis Ababa University press.
- Bazerman (1997). *Reading Skill*. U.S.A.: Houghton Mifflin Company.
- Brown, H.D. (2000). *Language Assessment Principle and Classroom Practices*. Longman.
- Creswell, J.W. (2009). *Research design: Qualitative & Mixed research methods approaches (3rd ed)*. Thous and oaks, calif: sage publication.
- Dastaa Dassaalenyi (2002). *Bu''uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.
- Geetaachoo Rabbirraa (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10*. Finfinnee: Dhaabbaata Maxxansaa Kurraaz Intarnaashinaal.
- Getachew Asrat (1996). *The Teaching Of Reading In Government High Schools In Addis Ababa: A Descriptive Study*. A Thesis Presented To The School Of Graduate Studies Addis Ababa University In Partial Fulfillment Of The Requirements For The Degree Master Of Arts In Tefl (Unpublished).
- Grellet, F (1981). *Developing of Reading Skills*. Cambridge University press.
- _____, (1994). *Development of Reading Skill*. Cambridge University press.
- _____, E (1984) *Reading in the Language Classroom: New York, Mc publishers*.
- Kumalaa Galaanaa. (2007) *Dubbisa Afaan Oromoo barsiisuurratti waantoota Dhiibbaa Geessisan*. MA Thesis, Addis Ababa University: Addis Ababa, Ethiopia.
- Kuulanii Fayyeeraa (2010). *Xiinxala Ogumma Dubbisani Hubachuu Barattoota Kutaa 9ffaa Afaan Oromoo Akka Afaan Jalqabaattiifi Akka Afaan Lammaffaatti Baratan: Haala Mana Barumsaa Amboo Sadarkaa 2ffaatti*. Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsitii Finfinneef kan dhihaate (kan hinmaxxanfamme).
- Mdfied Cloze Wullen T.L. (1978). *Practice incomprehension and English usage*. Hulton Education
- NCSALL: Seminar Guide (2005). *Reading difficulties*. U.S Department of Education.
- Misgaanuu Dirribaa Arfaasaa. (2010). *Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo: Godina Jimmaa Aanaa Noonnoo Beenjaa Qophaa 'ina Algaatti*. Digirii

jalqabaa Guuttachuuf yuuniversitii Haromaayaatif kan dhihaate (kan hinmaxxanfamme).
Ministeera Barnoota Itophiyaa. (2008). *National Learning Assessment*. Finfinnee.

Nuttal .C (1982). *Teaching Reading Skills in Foreign language*. London, Heineman.

Nuttal, C (1989). *Teaching Reading Skills in Foreign language*. London, Heineman.

Okoye P.u. (2011.) *Read Something Everywhere*. Enugu Nucik Publishers.

Okoye, P.U. & Ene, F. N. (2011). *Hand Book for the Revival of Reading Culture*. Enugu, Nucik Publishers.

River (1987). *Apractical Guide to the Teaching of English as Foriegn Language*. New York. Oxford University press.

Ruddell, M. R. (2001). *Teaching content reading and Writing*. New York: John Wiley and sons, Inc.

Sensan (1997). *Improving Reading Skills*. Cambridge University press.

Shermila (2006). *Skils of Reading in English. (Vol 6.)* Endia.

Wiener Bazerman (1997). *Reading Skills Hand Book*.

Williams, R. (1991). *Top Ten principles of Teaching Reading*. Londen: Mc publishers.

Wlliams, E (1984). *Reading in the Language Classroom*: New York: Mc publishers.

William B. and Rexlin G. (2011). “*Teachers' Role in Fostering Reading Skill: Effective And Successful Reading*’ *Ili-manager ’s Journal of English Language Teaching*, Vol. No. 4.

ተ ሰ ፋ ዬ ሸ ዋ ዬ (1986):: አ ን ብቦ የ መረ ዳ ት እ ና የ መጻ ፍ ች ሎታ ን ማዳ በ ር :: Addis Ababa: printed

by EMPDA.

በ ድ ሉ ዋ ቅ ጅ ራ (1996):: በ ሥነ ጽ ሁ ፍ ቋ ን ቋ ን ማስ ተ ማረ :: ን ግ ድ ማተ ሚያ ድ ር ጅ ት :: አ ዲ ስ አ በ ባ ::

ደ ረ ጅ ገ ብ ሬ (1998):: በ ተ ማረ ዎ ች የ ቤ ት ሥራ የ ማምህ ራ ን ና የ ወ ላ ጅ ች ሚና ::

Addis Ababa: Addis Ababa University press.

<http://www.instruction.greenriver.edu/avery3.html>

Dabalee-A

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAIFI HIYUMAANITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU

Gaaffiilee daawwaannaa dareef barsiisotaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Aanaa Begii Keessaa jiran Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Hojiirra Oolchuu Barsiisotaa Daree Barnoota Afaan Oromoo isaanii xiinxaluuf dhihaate.

Kabajamtoota Barsiisotaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Aanaa Begii keessaa jiru keessaatti ramadamtanii Barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jirtaniif gaaffiwwan armaan gaditti dhihaatan Qorannoo mata duree ‘Xiinxala Hojiirra Oolchuu Dandeettii Dubbisuu Barsiisota Daree Barnoota Afaanii Keessatti’ jedhu irratti ragaa funaanuuf kan qophaahaniidha. Qorannoon gaggeeffamu kunis digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf kan adeemsifamedha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti hirmaannaan isin kallattiidhaan afgaaffii kana irratti qabdan milkaa’insa qorannoo kanaatiif murteessaafi barbaachisaa waan ta’eef, ragaa dhugaafi qabatamaa karaa shakkiifi sodaa hinqabneen gahee isin irraa barbaadamu akka baatan jechaa, odeeffannoon isin irraa funaanamu immoo icciitiidhaan qabamuun dhimma qorannichaa qofaaf kan oolu tahuu isin hubachiisa.

Hirmaannaa Keessaniif Galatoomaa!!

Ajaja I: Odeeffannoo waliigalaa

1 Saala: Dhiira ___ Dubara ___

2 Gahee hojii: Barsiisaa/tuu

3 Sadarkaa barnootaa: Diplooma ___ Digirii ___ MA ___

4 Gosa barnoota ittiin eebbifaman ilaalchisee:

4.1 Ijoo (Major): Afaan Oromoo ___ Afaan Amaaraa ___ Afaan Ingilizii ___

4.2 Aantee (Minor): Afaan Oromoo ___ Afaan Amaaraa ___ Afaan Ingilizii ___

5. Muuxannoo hojii ilaalchisee: waggaa 1-5 ___ 6-10 ___ 11-15 ___ 16fi isaa ol ___

6 Afaan dhalootaa: Afaan Oromoo ___ Afaan Amaaraa ___ Kan biroo ___

Ajaja II: Gaaffilee daawwannaa tooftaa dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisota afaan oromoo barsiisan ittiin xiinxaluuf qophahan.

1.Dandeettii dubbisuu yemmuu barsiisan daree keessatti yaaxina gubbaa gadii nifayyadama/ti?

Eeyyee _____ Lakkii _____

2.Yaaxina gadi olii hojiirra ni'oolchaa/ti? Eeyyee _____ Lakkii _____

3.Yaaxina walsimsiisaa hoo nigargaarama/ti? Eeyyee _____ Lakkii _____

4.Maloota dandeettii dubbisuu garaagaraa daree keessatti hojirra olchuun walqabatee

a. Mala Sakatta'aa Dubbisuun dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti? Eeyyee ___ Lakkii _____

b. Mala Gadifageenyaan Dubbisuun dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti? Eeyyee ___ Lakkii _____

c. Mala Saffisaan Dubbisuun dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti? Eeyyee ___ Lakkii _____

5.Gosoota dubbisuu hojiirra olchuun walqabatee

a. Barattoonni callisaan dubbisa dubbisuun dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan nitaasisa?

Nitaasisa/sti _____ Hintaaasisu/stu _____

6.Tarsiimoo dandeettii dubbisuu barsiisuun walqabatee

6.1 Tarsiimoo dubbisa duraa hojiirra niolchaa/ti? Eeyyee _____ Lakkii _____

6.2 Tarsiimoo yeroo dubbisa hojiirra niolchaa/ti? Eeyyee _____ Lakkii _____

6.3 Tarsiimoo dubbisa boodaa hojiirra niolchaa/ti? Eeyyee _____ Lakkii _____

Dabalee-B

YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HIYUUMAANITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU

Bargaaffii barattootaaf dhihaate

Gaaffiilee daawwaannaa daree keessatti geggeeffamee ture mirkaneeffachuuf barattoota mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Aanaa Begii keessa jiran ‘Hojiirra Tooftaa Oolchuu Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Barsiisota Daree barnoota Afaanii Keessatti’ xiinxaluuf dhihaate.

Kabajamtoota Barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Aanaa Begii keessa jiru keessaatti barataa jirtanii gaaffiwwan armaan gaditti dhihaatan Qorannoo mata duree ‘Xiinxala hojiirra oolmaa tooftalee Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Barsiisota Daree barnoota Afaan’ jedhu irratti ragaa funaanuuf kan qophaahaniidha. Qorannoon gaggeeffamu kunis digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf kan adeemsifamedha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti hirmaannaan isin kallattiidhaan af-gaaffii kana irratti qabdan milkaa’insa qorannoo kanaatiif murteessaafi barbaachisaa waan ta’eef, ragaa dhugaafi qabatamaa karaa shakkiifi sodaa hinqabneen gahee isin irraa barbaadamu akka baatan jechaa, odeeffannoon isin irraa funaanamu immoo icciitiidhaan qabamuun dhimma qorannichaa qofaaf kan oolu tahuu isin hubachiisa

Hirmaannaa Keessaniif Galatoomaa!!

Ajaja I: Odeeffannoo waliigalaa

1. Saala: Dhiira ____ Dubara ____
2. Gahee hojii: Barsiisaa/tuu
3. Sadarkaa barnootaa: kutaa 9ffaa _____ kutaa 10ffaa _____
4. umrii: 14 – 16 ____ 17 – 20 ____ 21 – 25 ____ 26fi isaa ol _____
5. Afaan dhalootaa: Afaan Oromoo _____ Afaan Amaaraa _____ Kan biro _____

Ajaja II: Gaaffilee Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Barsiisota Afaan Oromoo Barsiisan ittiin xiinxaluuf barattootaaf qophahan.

1. Maloota dandeettii dubbisuu garaagaraa daree keessatti hojirra olchuun walqabatee
 - 1.1 Mala Sakatta'aa Dubbisuun dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/Gonkumaa
 - 1.2 Mala Gadifageenyaan Dubbisuu dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/Gonkumaa
 - 1.3 Mala Saffisaan Dubbisuun dandeettii dubbisuu nibarsiisaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/Gonkumaa
2. Gosoota dubbisuu hojiirra oolchuun walqabatee
 - 2.1 Barattoonni sagalee dhageessisan dubbisuun dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan nitaasisa?
 - A. Nitaasisa/sti _____
 - B. Hintaasisu/stu _____
 - 2.2 Barattoonni callisaan dubbisa dubbisuun dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan nitaasisa?
 - A. Nitaasisa/sti _____
 - B. Hintaasisu/stu _____
3. Tarsiimoo dandeettii dubbisuu barsiisuun walqabatee:
 - 3.1 Tarsiimoo dubbisa duraa hojiirra niolchaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/ gokuma
 - 3.2 Tarsiimoo yeroo dubbisa hojiirra niolchaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/ gokuma
4. Tarsiimoo dubbisa boodaa hojiirra ni'olchaa/ti?
 - A. Eeyyee: darbee darbee _____ yeroo hundumaa _____
 - B. Lakkii/ gokuma _____